**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**
**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

# ITTI FAYYADAMA AFAANII BARATTOOTA MANNEEN BARNOOTAA MOOTUMMAA SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA BULCHIINSA MAGAALAA BURAAYYUU

**QORATTUUN:**

**ASTEER FUFAA**

**CAAMSAA, 2025**

**FINFINNEE, ITIYOOPHIYAA**

**ITTI FAYYADAMA AFAANII BARATTOOTA MANNEEN BARNOOTAA MOOTUMMAA SADARKAA TOKKOFFAA KUTAA BULCHIINSA MAGAALAA BURAAYYUU**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA ( MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**QORATTUUN: ASTEER FUFAA**

**GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA ( PhD)**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruun guuttachuuf Asteer Fufaa mata duree: Itti Fayyadama Afaanii Barattoota Manneen Barnootaa Mootummaa Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu, sadarkaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa______________________________Mallattoo________Guyyaa_________

Qoraa Keessaa___________________________ Mallattoo________ Guyyaa_________

Gorsaa__________________________________Mallattoo_________Guyyaa__________

____________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa Digirii lammaffaa (MA)

**Axareera**

*Kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa mootummaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu maal akka fakkaatu ibsuudha. Maddi ragaalee maatii barattootaa, barsiisotaafi barattoota, manneen barnootaa afur kutaa magaalichaa keessatti argaman yemmuu ta'an iddattoo babaachisan mala caraaafi mit-carraa fayyadamuun ragaaleen qorannichaaf barbaachisan funaannatteetti. Mala mit-carraa keessaas mala kaayyeeffataan fayyadamuun maatii barattootaa,mala carraatiin immoo barsiisotaafi barattootarraa ragaaleen barbaachisan funaanamaniiru. Meeshaalee funaansa ragaalee sadii:afgaaffii,bargaaffiifi daawwannaan qorannicha keessatti hojiirra oolaniiru.Odeeffannoon argamanis mala qulqulleefi hammangeen qaacceffamaniiru.Ragaalee qaacceffaman irraa argannoowwan qorannoo kana keessatti adda baafamanii ibsamanii jiru Isaanis: Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu Afaan Oromoo,Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii waliin makanii itti fayyadamu; Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu daree barnotaan alatti taphoota adda addaa keessatti jechoota hinwaalta'in kanneen hiika isaaniifi madda isaanii adda baasanii himuuf nama rakkisu fayyadamu; Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu daree barnootaan alatti Afaan Amaaraatti fayyadamuun waliigaluu baay'isu;Ilaachi maatiin Afaan Amaaraatiin fayyadamuurratti qabuufi sabni afaan garaagaraa dubbatu hawaasummaan waliin jiraachuun barattoonni Afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne danqaa ta'uu; Afaan dhalootaa isaanii seeraa afaanii eeganii itti fayyadamuu dadhabuun isaanii qabiyyee barnootaa gosa barnootaa adda addaa ittiin barachaa jiran irratti hubannoo gahaa akka hinarganneefi milkaa'ina barnoota isaanii miidhuu kan danda'u ta'uu ragaan qorannichaa qaacceffame nidhugoomsa.*

## Galata

Duraan dursee hojii qorannoo kanaa jalqabaa kaasee hanga xumuraatti haala itti hojjechuu danda'u nuffiifi dadhabbii tokko malee gorsa ogummaafi milkaa'insa qorannoo kanaatiif gumaacha kan naaf taasisan Dr. Addunyaa Barkeessaa guddaan galateeffadha. Itti aansuun deeggarsa barbaachisaa yaadaanis ta'e kan naaf gumaachaa turan maatii koos guddaan galateeffadha. Dhumarrattis hiriyoota koo deeggarsa garaagaraa naaf kennaniiffi namoota qorannoo kana akkan galmaan ga'uuf ragaa barbaacisaa ta'e naaf kennitan barsiisotaafi maatii barattootaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Magaalaa Buraayyuu baay'een galateeffadha.

## Hiika Tajaajila Jechootaa

**Barnoota sadarkaa tokkoffaa-**Barnoota idilee kutaa 1-8tti jiru kan hammatuudha.

**Afaan-** Waliigaltee uumuufi baruu barsiisuu geggeessuuf kan barsiisonniifi barattoonni itti gargaaraman.

**Gola barnootaa**- daree barnootaa kan hojiin baruu barsiisuu keessatti geggeeffamu.

**Afaan dhalootaa-**Afaan jalqaba afaan itti hiikkatan.

**Baafata**

Mata duree Fuula

Axareera ........ i

Galata ........ ii

Hiika Tajaajila Jechootaa ........ iii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1.Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 3

1.3.Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa ........ 4

1.4. Kaayyoolee Qorannichaa ........ 5

1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ........ 5

1.4.2. Kaayyoolee Gooree ........ 5

1.5 .Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.8.Qindoomina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUULEE FIROOMINAA ........ 8

2.1. Fayyadama Afaanii ........ 8

2.2. Manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaa Keessatti Itti fayyadama afaanii ........ 8

Daa'immaniirratti Wantoota Dhiibbaa Geessisan ........ 8

2.3. Deeggarsa Afaanii Barnoota Sadarkaa tokkoffaa Bu'uureffatee Kennamu ........ 10

2.4. Dagaagina Afaanii daa'immanii irratti wantoota gufuu ta'an ........ 10

2.5. Imaammata Afaanii ........ 11

2.6. Afaan Dhalootaan Barachuu ........ 14

2.7. Quunnamtiifi Afaan Walitti Makuu ........ 18

2.8.Yaadiddamoota Afaan Dhalootaa Barachuu ........ 18

2.8.1.Yaadiddama Amaleessitootaa ........ 18

2.8.2.Yaadiddama Uumessitootaa ........ 19

2.8.3.Yaadiddama Quunnamsiistotaa ... 21
BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA ... 22
3.1.Saxaxa Qorannichaa ... 22
3.2.Irraawwatama Qorannichaa ... 22
3.3.Iddattoofi Mala Iddatteessuu ... 22
3.4..Meeshaalee Funaansa Ragaalee ... 23
3.4.1. Af-gaaffii ... 23
3.4.2,Bar-gaaffii ... 23
3.4.3. Daawwannaa ... 23
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee ... 23
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ... 24
4.1. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Maatii Barattootaa ... 26
4.1.1. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Hooggantoota Manneen Barnootaa SadarkaaTokkoffaa ... 28
4.2 Qaaccessa Ragaalee Bargaaffiin Barsiisota Irraa Argaman ... 30
4.3. Qaaccessa Ragaalee Daawwannaan Argaman ... 35
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ... 48
5.1 Goolaba ... 48
5.2. Argannoo Qorannichaa ... 49
5.3. Yaboo ... 50
Dabalee ‘A’ ... 56
Dabalee ‘ B’ ... 57
Dabalee “ C’ ... 58
Dabalee ’’ D’’ ... 61
Waraqaa Mirkaneeffannaa ... 62

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1.Seenduubee Qorannichaa

Gahumsa itti fayyadama afaanii qabaachuun daa'imman wanta jechuu yaadan akkaataa barbaadaniifi fedhanitti akka duubbataniif humna kennaaf. Kunis, daa'imman beekumsa akka horataniif baay'ee murteessaadha. Barnoota barachuuf afaan furtuu baay'ee barbaachisaa ta'ee , kan daa'imman adduunyaa naannoo isaanii akka hubatan taasisuudha(Buckley, 2003). Afaan daa'imni miseensa maatii isaa/isheefi daa'imman biroo garee isaa/ishee ala ta'an waliin hariiroo akka uumuuf yookiin uumtuufi namummasaa/ishee akka dhugoomsu yookiin dhugoomsituuf carraa guddaa kenna (Maduewesi, 1999). Daa'imman kaayyoo isaanii galmaan akka ga'ataniif afaan nigargaara ( Essa , 2007).

Dandeettiiwwan afaanii jalqabatti dagaagfatan carraa daa'imman mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa, sadarkaa lammaffaafi isaa olii keessatti qabaniif baay'ee murteessaadha. Dandeettiiwwan afaanii yeroo daa'imummaa walittidhufeenya cimaa qophaa'ummaa daa'imman mana barumsaatiif qaban waliin akka qabu ragaan qorannoo nimirkaneessa( Roulstone et al , 2011 Snowling et al 2011). Akkasumas , Parsons and Schoon ( 2011 sadarkaa daa'imman mana barumsaatti argataniifi fayyummaa sammuu yeroo ga'eessummaa isaan qabaatan waliin hariiroo cimaa akka qabu argannoo qorannoo isaaniitiin ibsaniiru.

Itti fayyadamni afaanii yeroofi bakka murtaa'e tokkotti ragaa lakkoofsa namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman , haala akkamii keessatti akka dubbataman , ilaalchaafi amantii afaanicha irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Itti fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif , akkamitti , maaliin, eenyuuf kan kan fakkaatan gaaffilee xiinqooqa hawaasaan walqabatan kanneen akka eenyutu eenuuf maal dubbata/yoomiif eessatti dubbata, maaliif akkamitti dubbata kan jedhu adda baafachuu qabna kan jedhuudha. Itti fayyadamni afaanii bakkaa bakkatti garaagarummaa qaba akkuma jenne mana murtii keessatti, manneen daldalaa dhuunfaafi mootummaa keessatti , mana barnootaa keessattiifi kanneen biroo keessatti haalli itti fayyadama afaanii garaagarummaa qaba (Wolf, 2000).

Yaada kana kan jabeessu haala itti fayyadama afaanii ilaalchisee Addunyaa ( 2010, f, 27) yoo ibsu

*Gaaffileen bu'uuraa afaanii hawaasa kan hubachiisan eenyutu, eenyuuf maal dubbata kan jedhu haala hirmaattonni waliin dubbii isaanii keessatti qaban kan ibsu yoo ta'u, yoomiifi eessatti kan jedhu yeroofi bakka dubbiin sun itti dubbatamu sun haala qabatamaa tajaajila maaliif akka oolaa jiru kan agar-siisuudha*.

Yaada olii kana irraa wanti hubatamu itti fayyadami afaanii bakkaafi yeroo, haalaafi adeemsa keessatti duubbatamu irratti kan hundaa'uu ta'uusaati.

*Fayyadamni afaanii daa'immanii adeemsa baruu barsiisuu keessatti dhimma murteessaa waan ta'eef akkaataa daa'imman gola barnootaa keessaafi alatti dhimma itti ba'aniifi sababoota yookiin danqaalee jiran adda baasuuf yeroo adda addaatti hayyoonni qorannoo geggeessuun adda baasuuf yaalii godhaniiru. Fakkeenyaaf,* Byers (1999) qorannoo fayyadama afaanii daa'immaniirratti Wantoota dhiibbaa geessisan jedhu geggeesse keessatti gochoota giddu gala taphaa, qajeelcha kallattii, muuxannoo dhugummaa, hirmaannaa maatii yookiin guddistuufi gahumsa barsiisaa itti fayyadama afaanii daa'immaniirratti dhiibbaa akka geessisan mul'isee jira. Haaluma walfakkaatuun Obiweluozo & Melefa (2014) qorannoo isaanii keessatti adeemsi dagaagina afaanii daa'immanii sadarkaa barnootaa daa'imummaa duraa keessatti kanneen akka barsiisota afaanii leenjii gahaa qabanii gahaa ta'an dhabamuu, hanqina meeshaalee ykn leeccalloowwaniifi fakkeenyummaan sirrii hintaanee danqaalee manneen barnootaa keessatti mul'atan ta'uu ibsanii jiru. Akkasumas gahumsa xiinqooqa daa'immanii dagaagsuu keessatti barsiisonni ga'ee murteessa akka qaban bu'aan qorannoo isaanii nimul'isa.

Odinko & Williams ( 2006) Afaan Barnootaafi Akkaataa waliigaltee Kutaa Barnoota Sadarkaa tokkoffaa Keessatti jedhu biyya Niiyijeeriyaatti geggeessaniin afaan barnootaa Afaan Ingilizii ta'ee utuu jiruu daa'imman garee xiqqaa keessatti gochoota kennaman afaan haawasi naannoo dubbatuu akka fayyadamaniifi waliigalteen barsiisaafi barattoota gidduu Afaan Ingiliziin akka taasifamu argannoo isaaniitiin ifoomsaniiru.

Haala biyya keenyaa Itiyoophiyaattis, Araarsaa ( 2019) Qorannoo itti fayyadama afaanii geggeesse keessatti : Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa dareen alatti walitti makanii

dubbachuun akka mul'atu, fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisota gidduutti mul'atu AfaanOromoo gama fayyadamuutiin akka adeemsifamu argannoo qorannoo isaatiin ibseera. Fayyadama afaaniirratti bakkaafi yeroo garaagaraatti qorannoo kan adeemsifaman ta'us hanga hubannoo qorattuun qabduutti Mata duree "Itti Fayyadama Afaanii Daa'imman Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu" Kan jedhurratti qorannoo adeemsifame tokkoyyuu hinjiru. Kanaaf,qorattuun qorannoo kana geggeessuun hanqinoota jiran adda baasuun kallattii furmaataa eeruun barbaachisaa akka ta'e amantee jirti.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Agarsiistuu murteessaan milkaa'ina barnoota sadarkaa tokkoffaa dandeettii afaanii daa'imni waggoota barnoota sadarkaa tokkoffaa keessati qabudha(White, 1991). Akka Chall and Curtis (1991) ibsanitti daa'imman hanqina dandeettiwwan afaanii qaban milkaa'ina barnootaa qofarratti osoo hintaane, ofibsuufi hariiroo hawaasummaa irrattis rakkoo cimaa qabu. Ta'us itti fayyadama afaanii daa'imman mana barumsaa sadarkaa tokkoffaarratti hanga barbaachisummaa isaa kan xiyyeeffannoon itti kennameefi qorannoon bal'inaan irratti geggeeffame hinfakkaatu.

Itti fayyadama afaaniirratti biyyoota addunyaa kana keeessa jiran adda addaa keessatti qorannoowwan geggeeffaman muraasni nijiru. Fakkeenyaaf, biyyoota alaa keessatti, qorannoowwan hojjetaman nijiru. Isaan keessaa Vella , et al (2018) Itt fayyadama afaanii Kutaa Barnootaa Barrnoota Sadarkaa tokkoffaa Maaltaa, Byers, (1999) Fayyadama afaanii Daa'imman Mana Barumsaa sadarkaa tokkoffaarratti Wantoota Dhiibbaa Geessisan, Odinko & Williams ( 2006) Afaan Barnootaafi Akkina waliigaltee Kutaa Barnoota Sadarkaa tokkoffaa Keessatti ,*UNICEF,(2016) Dhiibbaa Imaammata afaaniifi shaakala Barachuu Daaimmanii: Ragaa Afriikaa Bahaafi Afriikaa Kibbaa kan jedhaman yemmuu ta'an bakkaafi haalli qorattoonni kunneen qorannoowwan kanneen itti geggeessan yaadrimee biiyya alaatiiniidha.*

*Biyya keessattis qorannoowwan geggeeffaman muraasni jiru. Akka fakkeenyaatti,,* Araarsaa Kabbadaa bara 2019 ,mata duree Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo

Barnoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa Tokkoffaa , Dirribaa Tasammaa bara 2019 , mata duree Qaacceessa Itti Fayyadama Afaanii Kabaja Ayyaana Ateetee : Godina Shawaa Bahaa Aanaa Dugdaa keessatti , Zalaalem Amantee bara 2012 ,mata duree Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo: Beeksisa Taappellaa Magaalaa Adaamaa kanneen jedhan yemmuu ta'an xiyyeeffannoon qorannoo isa jalqabaa itti fayyadama afaanii mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa yeroo jalqabaa Afaan Oromoo manneen barnootaa magaalaa Finfinnee keessa jiran keessatti Afaan Barnootaa ta'etti haala fayyadama afaanii ture adda baasuurratti kan xiyyeeffate ture.

Qorannoon inni lammaffaafi sadaffaa immoo iti fayyadama afaanii yoomessa adda adda keessatti taasifamu adda baasuurratti kan xiyyeeffatan turan. Qorannoo qorattuun geggeessuuf karoorsite kan adda taasisu xiyyeeffannoon isaa fayyadama afaanii daa'imman Sadarkaa tokkoffaa ta'uudha. Akkasumas bakki qorannoon itti geggeeffamus kan qorattoota kanneeniirraa adda.Innis,Manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaa Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti argaman keessatti.Hanga hubannoo qorattuun kun sakatta'a qorannoo geggeessuuf yaaltetti qorannoon fayyadama afaanii daa'immanii Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaarratti adeemsifame tokkoyyuu hinjiru. Bu'uuruma kanaan qabxiileen qorattuu qorannoo kana akka geggeessituuf kakaasan:

1.Fayyadamni afaanii barattootaa milkaa'insa barnoota isaanii fuula duraa keessatti shoora olaanaa waan qabuuf, haala qabatamaa manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa keessa jiru adda baasuuf.

2.Muuxannoo qorattuun qabdurraa fayyadama afaanii daa'immaniif xiyyeeffannoon kan itti kennamaa hinjirre waan ta;eef, ragaa qorannoo saayinsaawaa ta'een xiyyeeffannoo akka argatu taasisuuf.

3. Danqaalee fayyadama afaanii jiran adda baasuun irratti hojjechuuf

4.Fayyadama afaanii barattootaa keessatti Afaan Orommootiif xiyyeeffannoo gama hooggantoota manneen barnootaafi barsiisotaatiin kennamee jiru adda baasuu.

### 1.3.Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

1.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa magaalaa

Buraayyuu keessaa akkamitti afaanitti fayyadamu?

2.Itti fayyadamni afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu gola barnootaa keessatti maal fakkata?

3.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu gola barnootaa alatti akkamitti afaanitti fayyadamu ?

4,Itti fayyadamni afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti milkaa'ina barachuu barattootaarratti dhiibbaa maalii geessisa?

5.Danqaaleen itti faayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu maalfa'i?

## 1.4. Kaayyoolee Qorannichaa

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii barattoota manneen barattoota a sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu sakatta'uudha.

### 1.4.2. Kaayyoolee Gooree

**Kaayyoolee gooree Qorannichaa:**

1.Haala itti fayyadama afaanii afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessaa ibsuu.

2, Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu haala isaan gola barnootaa keessatti afaanitti fayyadaman adda baasuuf.

3 .Haala itti fayyadama Afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu gola barnootaa alatti mul'atu sakatta'uuf.

4. Itti fayyadamni afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti milkaa'ina barachuu daa'immaniirratti dhiibbaa inni geessisu xiinxaluuf.

5. Danqaaleen itti faayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa duraa kutaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu adda baasee tarreessuuf.

### 1.5 .Barbaachisummaa Qorannichaa

Bu'aa qorannoo kanaarraa qaamolee adda addaa nifayyadamu jedhamee yaadama.

- Barattoonni ittifayyadama afaaniitiif xiyyeeffannoo kennu danda;u .
- Maatiin ittifaayadama afaanii daa'imman isaaniirratti xiyyeeffaannoo kennuun deeggarsa barbaachisu gochuu danda'u .
- Barsiisonniif hooggantoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa magaalaa Buraayyuu danqaalee ittifayyadama afaanii furuuf gumaacha issa irraa eegamu ba'uu danda'u.
- Qorannoo garafuula duraatti mataduree walfakkaatu irratti adeemsifamuuf akka qabxii ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Manneen barnootaa Sadarkaa tokkoffaa baay'inni isaanii afur: Dirree Hacaaluu, Buraayyuu Kattaa Lakk. 2,Lakkuu Kattaaafi Buraayyuu Kattaa lakk.3 kutaa bulchiisa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman keessatti bara barnootaa 2016 A.L.I adeemsifame. Mata dureen qorannichaatis "Haala itti fayyadama afaanii barattootaa " kan jedhuudha.Qorattuun mala makaa fayyadamuun qorannichaa geggeessite. Qorannicha keessatti kan ragaaa kennuun hirmaatan barsiisota,hooggantootaafi maatii barattootaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa Magaalaa Buraayyuutti argaman lakkoofsi isaanii 115 ( maatii Dhi.=14,DU.=7 Id.=21 ,barsiisota Dhi.=35,Du.=55 Id.= 90, hoggantoota mana barnootaa 4) ta'eedha.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Qorattuun qorannoo kana yemmuu geggeessaa turtetti qorannicha akkaataa barbaadameen yeroo karoorfame keessatti akka hinxumuramneef wantoonni danqaa ta'an baay'een turaniiru. Isaan keessaa ijoo kan ta'an qorattuun muuxannoo hojii qorannoo ga'aa ta'e dhabuu,qaamoleen ragaa kennan sa'aatii barbaadametti argamuu dhabuufi meeshaaleen ragaa daawwannaa ittiin waraaban mijataa ta'an dhibuufa'i. Gufuuwwan kunneen haa jiraatan iyyuu malee qorattuun tarsiimoo ofii uummachuun ragaalee barbaachisan sassaabbachuun qorannicha geggeessitee xumurteetti.

## 1.8.Qindoomina Qorannichaa

Qorannichi kutaalee shanitti qoqqoodamee dhihaatee jira. Kutaa inni jalqabaa seenduubee , ka'umsa, kaayyoolee, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa kan of keessatti qabateeedha. Kutaan inni lammaffaa sakatta'a barruulee firoomina qabaniiti. Kutaan inni sadaffaan malleen qorannoo yemmuu ta'u, kutaa inni arfaffaan immoo ragaalee dhiyeessuu, qaaccessuufi hiikuudha. Kutaa inni shanaffaan goolaba, argannoofi yaboo qorannichaati

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUULEE FIROOMINAA

### 2.1. Fayyadama Afaanii

Beekan(2015,f.5) Clark (1996), wabeeffachuun yemmuu ibsu, afaanitti fayyadamuun yaadaan kan mirkanaa’u osoo hintaane haala qabatamaa jirrenya hawaasaa keessatti kan mirkanaa’uudha. Haaluma walfakkaatuun Clark( 1996) qabxiilee afur lafa tarreesseera. Isaanis : Fakkeenyummaa itti fayyadama afaanii ( examples of language use) guddina itti fayyadam afaanii ( surrounds) , Gochoota itti fayyadama ( activities of language use) actions of language ) fi haala dhiheenya itti fayyadama afaanii( approaches of language use) kanneen jedhaman itti fayyadama afaanii waliin walqabsiisee ibseera. Akkasumas, itti fayyadama afaanii yeroofi bakka murtaa’e tokko keessatti raga lakkoofsa namoota dubbataniifi afaanota bakka sanatti haasa’aman , haala akkamii keessatti akka dubbataman , ilaachiifi amantaa akkamii keessatti akka dubbataman kan of keessatti qabatuudha.

Clark( 1996),f. 391-392) yoo ibsu

> *Afaan kan qo’atamu haala caasaafi itti fayyadama isaanitiiniidha. caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xiinsagaa, xinjechaa xinhimaafi, xinhiika afaanichaati. Haa ta’uu malee, itti fayyadama afaanii qo’achuun akka caasaa afaanii qo’achuun waan ta’eef itti dabaluun, qo’annoon itti fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu , qo’annoon itti fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolma afaanichaa qorachuudha.*

Yaada olii kana irraa kan hubatamu qo’annoon caasaa afaaniifi itti fayyadama afaanii tokko akka hintaaneefi itti fayyadamni afaanii haalota adda addaa keessatti akkaataa hawaasi afaanicha dubbatu itti dhimma ba’u qo’achuu irratti kan xiyyeeffatu akka ta’eedha.

### 2.2. Manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaa Keessatti Itti fayyadama afaanii Daa’immaniirratti Wantoota Dhiibbaa Geessisan

Itti fayyadama afaan daa’immanii dagaagsuuf haaldureewwan guutamuu qaban haala barbaadamuun mana barumsaa keesatti kan hin guutamne yoo ta’an dhiibbaa gaarii hin taane yookiin miidhaa geessisa.Faallaa kanaa haaldureewwan barbaachisoo ta’an manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti haala barbaadamuun guutaman yookiin hojii irra oolan itti fayyadama afaan daa’immanii irratti dhiibbaa gaarii ta’e geessisu.

Kana jechuun itti fayyadama afaanii sana daran saffisiisuu fi guddisuu danda’a. Bayers, (1999) qorannoo geggeesse keessatti wantoota gurguddoo shan kan itti fayyadama afaan daa’immaniirratti dhiibbaa geessisuu danda’an ifoomsee jira. Isaanis

**1.Giddu-gala taphaa gochootaa-** Bakka daa’imman cimdiifi garee xixiqqaan hibboo yookiin taphoota taphatanii fi gochoota raawwatan.Kan haalli kutaa manichaa gochoota taphaa addaa addaan qindaa’ee daa’imman keessatti obbolummaan waliin dubbataniifi kitaabilee gosa hundaa qabu.

**2.Qajeelcha Kallattii** –mala barsiisaan dhaamsa jabaa tokko keessatti yaadrimeefi fayyadama jechootaa xiyyeeffachuun daa’imman akka barataniif gargaaramudha.

**3.Muuxannoo dhuga qabeessa**

Do’ii dirree fi yoomessa mana barumsaa fayyadamuun daa’imman waayee jireenyaa karaa muuxannoo miirawaafi qabatamaan akka baratan taasisuu.

**4.Hirmaannaa Maatii/Guddistuu**

Daa’imman wayitii naannoo haaraa fi haalli isaan hin eegne isaan quunnamu yeroo baayyee dhiphuutu isaanitti dhagahama.Kanaaf maatiin waayee gola barnootaa fi giddu gala taphaa gochoota waliin haasa’uu fi guyyaa barnootni yeroo jalqabaaf eegalu ganama isaa gochoota mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa keessatti gola barnootaa keessatti daa’imman isaanii waliin hirmaachuu.

**5.Ga’umsa Barsiisaa**

Barsiisaan daa’imman mana barumsaa sadarkaa tokkoffaan duraa leenjiifi muuxannoo gahaa, dandeettii hariiroo gaarii ta’e daa’immaniifi maatii waliin uumuu kan qabuufi hubannoo qajeeltoowwan mana barumsaa sadarkaa tokkoffaan duraa qabaachuu qabu.Dabalataanis, Odinko&Wiilliams(2006) qorannoo geggeessan keessatti haalli hirmaannaa kutaa keessaa mala gochoota barsiisaa giddu galeeffateen mo’amuufi waliigalteen barsiisaa irraa gara kutaa guutuu ta’uun daa’imman mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa dandeettiiwwan waayee fuulduraa raaguu ga’umsaan argachuu hin danda’an jechuun argannoo isaanii keessatti addeessaniiru.

### 2.3. Deeggarsa Afaanii Barnoota Sadarkaa tokkoffaa Bu’uureffatee Kennamu

Guyyaa barnootaa tokko keessatti maloota garaagaraa kan deeggarsi afaanii daa’immanii taasifamu ittiin hojiirra oolchantu jiru.Isaanis:dhuunfaadhaan, gareexiqqaa yookiin guutummaa guutuutti. Gochoonni deeggarsa afaanii daa’immaniif kennuu kunneenis barsiisaadhaan hojiirra oolu.Barsiisaan deeggarsa kana kennu immoo kan leenjii koorsii afaan barachuu haala gaariin hordofe yoo ta;e bu’aa guddaa qaba (Finnman,(2021); Licandro,(2021). Gama mala afaan barachuutiin ,addaa addummaan madaallii murtaawaa fi madaallii waliigalaa gidduutti ni taasifama.Innis,jirrnya keessatti kan darbee darbee mul’atu hammata. Qabiyyeewwan afaan barachuu keessatti dhihaachuu qaban gochoota afaan barsiisuu kan akka jechootaa fi termoota qoqqooduu,gochoota dhaggeeffachuu, gilgaalota beekumsa seerlugaa, seenawaa caasessuufi tartiibessuuf bifa waliin dubbiin seenaa dubbisuu fa’i(Rodge et al.2016).Daa’imman amaloota ,caasaafi akkaataa dubbii afaanii ni baratu.Beekumsa argame iimmoo hojii irra oolchuuf taphoota sammuutti qabatamuun yaadataman, walaloowwan mana rukuttaa qaban yookiin faaruuwwan fayyadamuudha.

### 2.4. Dagaagina Afaanii daa’immanii irratti wantoota gufuu ta’an

Afaan karaa murtaa’aa ta’een kan ittiin odeeffannoo fudhannuufi dabarsinudha(Hartanto et al.2016).Dagaaginni afaanii daa’immanii dagaagina karaa hundaa kan dandeettii beekumsa mana barumsaa itti milkaa’uu isaanii agarsiisu keessaa isa tokkodha(Nelson et al.2006). Dagaagina afaan daa’immanii irratti gufuu kan ta’an keessaa sababootni muraasni jiru.Inni jalqabaa, seenaa dhalootaa daa’imaa kan dagaagina afaanii miidhu umurii waggaa lamatti kan argamudha.Daa’imman umurii kana keessatti rakkoo akkanaa qaban himoota gaggabaaboo fi bilchina him qabne fayyadamuu (Jansson-Verkasalo et al.,2004).Sababni lammaffaan soorata daa’imman nyaataniin kan walqabatudha. Dagaaginni afaan daa’immaniifi gosoota nyaataa isaan sooratan gidduu walitti dhufeenyi ni jira(Nurwijainti,2016; Nurwijainti, 2016b).

Sababoota keessaa kanatti dabalees sababoota alaa kanneen ta’an ni jiru.Sababni jalqabaa, seenessoota;innis odeeffannoo dheerina himaa daa’imni itti gargaarame seenessa himuu irratti dhiibbaa geessisuu danda’a.Hangiifi dheerinni odeeffannoo daa,imman fudhatanii fi yaadan haasaa dheeraa fi dandettii yaada isaanii ibsachuu irratti

dhiibbaa geessisuu danda'a.Sababni alaa inni lammaffaan ,deggersa daa'imman rakkoo dhageettii qabaniif taasifamudha. Daa'imman rakkoo dhageettii qabaniifi yaaliin gurraaf leenjiin afaanii yoo kenname dandeettii dubbii afaanii isaanii haala bu'a qabeessa ta'een ni daabala(Niparko et al.,2010). Inni sadaffaan haala mooraa mana barumsaa keessaati Haalli mooraa mana barumsaa keessaa kan inni of keessatti hammatu: Dhaabbata barnootaa istaandaardoota barnootaa sagal qaban 2. qulqullina waliigala dareewwan barnootaa 3.walitti dhufeenyaa fi miira yookiin itti dhaga'ama barsiisotaafi barattoota gidduutti kutaa barnootaa keessatti mul'atudha(Mushburn et al.,2008).

Sababni arfaffaan, sadarkaa beekumsa maatii daa'immanii jechoota daa'imman barnoota sadarkaa tokkoffaan duraati.Tarkaanfiin haadhi jechaafi miiraan fudhattu, akkasumas meeshaalee taphaa barbaachisaa ta'an kennituuf waggoottan lamaan duraa keessatti dagaagina afaanii daa'immaniitiif murteessaadha. Sababni alaa inni xumuraa taphoota aadaati.Taphootni aadaa dagaagina afaan daa'immaniitiif gahee guddaa qabu(Joni, 2015).

## 2.5. Imaammata Afaanii

Imaammanni afaanii dhimma afaanii ilaalchisuun qajeelfamoota karaa seera qabeessa ta‟een akka hojirra oolaniif bahaniidha. Yaada kana ilaalchisuun Milkeessaan (2015: 41) Schiffman (2005) wabeefachuun yoo ibsu:

> *Imaammanni afaanii imaammata hawaasummaa keessaa tokko ta‟ee, garuu hiika garaagaraatu kennamaaf. Imaammanni afaanii karaa seeraan tumameen (de jure fi karaa hinlabsamneen (de facto) wixinaa‟ee hojirra ooluu danda‟a. Yaadrimeen imaammata afaanii, waa‟ee faayidaa, beekkamtii, walqixxummaa, filannoo afaan hojiifi mirgoota ummata afaanicha dubbataniin oolaniin walqabatee murteewwaniifi seerota bahan, qajeelfamootaafi kallattiiwwan ka ‟amaniifi hojirra oolanidha.*

Waraabbii kana irraa akka hubachuun danda'amutti Imaammanni afaanii karaa seera qabeessa ta'een seeronnifi qajeelfamni garaagaraa baheefi kan hojiirra oolaa jiru jechuudha. Haaluma kanaan murtee abbaa afaanichaa irratti hundaa'uun kallattiin kaa'ameef akka hojiirra ooluudha. Gama biraatiin ammoo Yonaataan (2014:63) waa 'ee imaammata afaanii yoo ibsu: *"The* language policy is like to be implemented effectively if it goes parallel with the society's interests and beliefs and remain on paper if it is in contradiction with the society's interests and beliefs. It is thus crucial to assess the interests and beliefs before a policy is implemented.‖ jedha.Akka ibsa kanaatti, imaammata afaanii tokko osoo hojirra hinoolchiin dura amantaafi fedhii uummataa xiinxaluun barbaachisaa akka ta'eedha.

Imaammanni afaanii amantaafi fedhii uummataa osoo hinxiinxaliin hojirra oolu biyya tokko keessatti imaammata fayyadama afaaniifi haala qabatama hojiirra oolmaa isaa jidduutti garaagarummaanakka jiraatu taasisa. Mootummaan osoo amantaafi fedhii uummataa hinxiinxalin imaammata fayyadama afaanii labsu hinqabu. Imaammani fayyadama afaanii fedhiifi amantaa uummataa irratti hundaa‟ee qabatamaan yoo hojiirra oolu, fedhiifi amantaa ummataa kan hineegne ammoo waraqaa qofa irratti hafa. Kanaafuu, osoo imaammata fayyadama afaanii tokko hojii irra hinoolchin fedhiifi amantaa uummataa xiinxaluun murteessadha. Haata‟u malee, imaammani afaanii irra caalaan isaa ittiyaadanii hojiirra oolchuu yoo ta‟u, karaa biraatiin osoo ittihinyaadin yoo hojiirra oolees fudhatama qabaachuu dand‘a.Yeroo tokko tokko haalli imaammanni fayyadama afaanii tokko xiinxalamee hojii irraa yoo oole fudhatama ittidhabu nijira. Akkasumas, faayidaan afaanichaa faallaa imaammata labsamee ta‟uu dand‘a. Hojiirra oolmaan imaammata fayyadama afaanii uummataan xiinxalame yoo hojiirraa oole bu‟a qabeessa ta‟uu danda‘a.

Imaammatni afaanii Itiyoophiyaa haalaafi yeroo adda addaatti jijjiiramaa kan dhufeedha. Kunis, bara Mootummaa Hayila Silaasee irraa yoo jalqabame, biyyi kun heera barreeffamaa qindaawaa Mootummaa Hayilee Sillaasee dura baay‟inaan akka hinqabne mul‘isa. Mootiin Hayila Sillaasee erga gara mootummaatti dhufee booda imaammata karoora afaanii baase. Heerri kunis kan bahe bara 1930 maqaa Tafarii Mokoniin yoo t‘u, yeroo kanattis afaan hojii isa kam akka taheefi kam immoo akka hinfayyadamne wanti ibsame hinjiru. Haata‟u malee, heerrichi Afaan Amaaraatiin kan barreeffamedha jechuun (Getachoofi Derib, 2006) nibsu.

Haaluma kanaan sirna mootummaa dargii keessatti akkuma mootummoota isaan duraatti Afaan Amaaraa akka afaan hojiifi dubbiitti naannoolee hunda keessatti tajaajila kennaa ture. Imaammatni afaanii sirna mootummaa dargii keessatti mul‟atus kan sirna mootummaa Hayila Sillaasee faana walfakkaataadha.

Erga Mootummaan Dargii gara aangootti dhufee yookiin 1974 kaasee haala itti fayyadama afaanii sabaafi sablamootaa ilaalchiise gara jalqabaa yommuu aangootti

dhufuu fayyadama afaaniif mirga baay'ee kennee ture. Gabaabumatti, bara mootummaa dargii keessatti rakkinootni afaaniin walqabatan kan furamuu danda"u sabaafi sab-lammootni garaagaraa biyyatti keessatti argaman mirga guutuu ofiin ofbulchuu, siyaasa, dinagdeefi jireenya hawaasummaa ibsachuuf afaan isaaniin akka fayyadamaniifi mootummaa ofii isaanii filatanii mootummaa waliigalaan kan hogganaman yoo tahedha jechuun karoora akkasii hojiirra kan oolcheedha. .

Haalli imaammata afaanii yeroo mootummaa ammaa kana keessaa ammo, imaammataafi karoora haaraa sirna mootummoota darban irraa adda tahe qabatee kan dhufedha. Sirna mootummaa kana keessatti, yeroo jalqaba mootummaa ce"umsaa keessa afaanootni biyyatti hedduun afaan barreeffamaa tahuu danda"aniiru. Haaluma kanaan Heerri Mootummaa Federaalaa bara 1994 murteeffame ammoo seenaa imaammata afaanii biyyatti kan jijjiiredha. Haaluma kanaan Afaanootni Itiyoophiyaa keessatti dubbataman hundi seera fuulduratti walqixa akka ta"aniifi Afaan Amaaraa immoo afaan hojii mootummaa federaalaa akka ta"e kan mirkaneeffamedha. Yeroon kunis haala ittifayyadama afaanii irratti jijjiirama guddaa kan fideedha. Sababni isaas, afaanootni biroo afaan mootummaa federaalaa hintahiin malee afaan naannoo keessatti dubbatamaniifi afaan barreeffamaa ta"uu danda'u.

Bu"uruma kanaan imaammanni fayyadama afaanii biyyaa keenyaa kan yeroo durii irraa jalqabe hojirra oolaa ture fedhifi amantaa uummataa irratti kan hinhundoofneefi Afaan Amaaraa qofa giddu galeeffachuun afaanoota isaan ala ta"an irraatti dhibbaa geessiseera. Yaada kana ilaalchisuun Milkeessaan (2015:89) (Baahiruu, 2002; Mararaa, 2003; Assafaa, 2007) wabeeffachuun yoo ibsu:

> *Qorannoowwan imaammata afaanii mootummoota Itoophiyaa darban irratti godhaman dhiibbaa afaanoota sabaafi sablammii irra gaheen walqabate qaacceessa gurguddoo sadi kennu: (1) afaan tokkumeessuu: Afaan Amaaraa afaan tokkummaa Ithoophiyaa ta"e ("language unification), (2) afaan hacuucuu Afaan Amaaraa afaanota sabaafi sablammii nicunqurse ("language oppression), (3)afaan kolonii: Afaan Amaaraa afaanota biyyatti keessa jiran hunda gita-bittaa koloni jalatti ni kuffise, niquucarse ("language colonialism").*

Gababuumatti, yaadni kun biyyaa keenya keessatti imaammanni afaanii bara motoota darbanii keessaa hojirraa oolaa turan dhibbaa hangana hinjedhamne Afaanoota Itiyoophiyaa keessatti dubbataman keessaa Afaan Amaaraan ala ta‘an irraan gahaa akka tureedha. Haa ta‟u malee, Chaartarri mootummaa ce‘umsaa keeyyata 2 irratti mirga sabaafi sablamootaa, aadaa, seenaafi fayyadama afaan ofii guddisuufi fayyadamu, akkasumas mootummaa gidduu galeessaa keessatti uummata bakka bu‟anii hirmaachuu kan labseedha. Bu‘uruma kanaan Afaan Oromoos afaan hojii mootummaa naannoo Oromiyaa ta‟uun naannoo Oromiyaatti akka tajaajiluuf labsiin lafa kaawwame.Yaada kana ilaalchisuun Labsiin heera mootummaa Naannoo Oromiyaa bara 1994 fooyya‟ee raggaasisuuf bahe keeyyata 5 irratti yoo ibsu ,Afaan Oromoo afaan hojii Mootummaa Naannoo Oromiyaati; kan barreeffamuus qubee Afaan Oromootiin ta‟a jechuun lafa kaa’a.

Kana malees, akkuma heera mootummaa federaalaa Itoophiyaa bara 1995 keewwata 5.3 jalatti ibsame,miseensonni federeeshinii biyyatti afaan hojii mootummaa mataasaanii akka murteeffachuu kan danda‟aniidha. Kanaafuu, biyya keenya keessa naannooleen sagal kan jiran yoo ta‘u, naannoleen hundi akka murteeffataniif karaan baname. Haaluma kanaan Afaan Oromoo afaan hojii naannoo Oromiyaati. Haaluma kanaan naannoo Oromiyaa keessatti afaan hojii Afaan Oromoo, Afaan barnootaafi barnoota afaanii, qorannoofi qo‘annoon bal‘inaan akka ittiin adeemsifamu ta‘e, kun immoo itti fayyadamni afaan oromoo yoomessi isaa akka bal‘atuuf kan gargaaruudha. Haa ta‘u malee guddina garaagaraa yeroo ammaa agarsiisaa jiruun walqabatee sadarkaa Afrikaatti 3ffaa ta‘uu isaafi bal‘inaan dubbatamu waan ta‘eef itti fayyadama afaanichaa sadarkaa hundaan gahuun gahee keenya hundaati. McNabb (1976) akka kaayeetti:

### 2.6. Afaan Dhalootaan Barachuu

ogummaa, aadaa, barsiifataaf bu,aa aadaa hawaasaan walsimsiisuun qalbeeffatu Afaan dhalootaa daa’imman daa’immummaa isaaniin warra irraa baruudhaan hawaasa keessatti dhalatan waliin dubbachaa beekumsa, dandeettiifi muuxannoo kan ittiin horatan ta’uun beekamaadha.Dandeettii kanas,ogumma, aadaa, duudhaafi muuxannoo hawaasaa

barnoota dareetti barataniin walsimsiisuun hubatu.Kan biraa,Nieto(2000) akka ibsetti afaan dhalootaa kan namoonni bu'aa aadaa isaanii ittiin ibsaniifi leensii addunyaa kanaa ittiin hubataniidha. Akka yaada kanaatti afaan dhalootaa meeshaa daa'imman beekumsa naannoo isaaniin ala kan addunyaa ittiin baranii fi sansaka gsaarii ittiin horatani.

Kana malees, Magwafi Mutasa(2007 Keenboo(2000) wabeeffachuun, akka ibsanitti daa'imman bu'uura irraa afaan dhalootaan barsiisuun dandeettii hubannoo cimaa qabaachuun akka dansaatti guddatan isaan taasisa.Afaan dhalootaan barsiisuun afaan daa'imman beekumsa, dandeettiwwaniifi muuxannoowwan hawaasa irraa dhaalan irraa ittiin horataniin barsiisuu ta'uu ibsa. Dandeettiifi muuxannoowwan kana kan horatan. Beenson(2009) fi Heugh(2010) akka ibsanitti, afaan dhalootaa barachuun aadaa fi hanbaalee seenaa dubbattoota afaanichaa kunuunsuu fi guddina hawaasaa walitti fufiinsa qabu fiduuf fayyada. Akka yaada kanaatti, afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun lammiileen guddina biyyaa keessatti, humnaafi ofitti amaamummaan dhimma guddina hawaas diinagdee qooda akka fudhatan taasisa.Haaluma walfakkaatuun,Benson(2004) akka ibsetti, daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun reeshoo kufaatii barattootaa xiqqeessa, irra deebiif kufaatii barattootaa hir'isa.Afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun daa'imman gara fuulduraattiguddina hawaas-dinagdee, siyaasa uummataaf saba isaanii irratti si'aayinaan akka hirmaatan taasisa.

Dabalataan Qorroo(2008) akka ibsetti daa'Imman afaan dhalootaan baratan qabiyyee fi yaada barnoota baratanii salphaatti qalbeeffatu.Afaan dhalootaan daa'imman barsiisuun barnoota qulqullina qabu walitti fufiinsaan kennuun gargaara.Akka yaada kanaatti , afaan dhalootaa dandeettiif beekumsa daa'immanii ni dagaagsa.Daa'imman afaan dubbachuu hin dandeenyeen barsiisuun immoo qabiyyeef yaada barnootaa barachuu irratti danqaa itti ta'a.Sagalee dhaga'uu dadhanuu, hiika jechootaa wal'aaluu ibsa kennuu wal'aaluu fi aadaa afaanichaa wallaaluun barnoota isaanii irratti danqaa itti ta'uun bu'aa dansaa akka hin galmeessine isaan taasisa.Afaan dhalootaa beekumsa kuufame saayinsiifi qaroomina, dandeettiifi muuxannoo aadaa waliin walitti madaqsuun hubachuuf akka dhagaa bu'uuraatti gargaara. Kana jechuun afaan dhalootaa daa'imman beekumsa aadaa hawaasaa isaaniifi isa kan ammayyaa walbira qabanii akka hubatan taasisa.

Kan biraa, afaan dhalootaan barachuun hirmaannaa daa'imman barnoota irratti qaban dabaluun, baruufi barsiisuuf haala mijeessa.Daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun hirmaannaa maatiin doofummaa balleessuu irratti taasisan akka dabalu ibsama. Jeylan(2013) akka ibsetti, daa'imman barnoota isaanii afaan dhalootaan yoo bartan yaada barnoota isaanii keessatti isaan rakkise salphaa dhumatti hubatu. Adeemsa kana keessa dandeettiin hubannoo fi beekumsi daa'immanii gulantaa tokko irraa gara isa itti aanuutti tarkaanfachaa adeema akka yaada kanaatti afaan dhalootaa daa'immanii salphaatti, yaada hiikaafi saayinsii barnootaa baratanii hubachuun hojii irra oolchu.

## 2.6. 1 Faayidaa Afaan Dhalootaan Barachuun Qabu.

### I. Dandeetti hubannaa dagaagsuu

Afaabn guddina sammuu dhala namaa waliin hariiroo cimaa akka qabu qorannoon addaa addaa ni ibsa. Karaa biraan, addunyaa qaroomte keessatti afaan ofiin barachuun miira eenyummaa, beekumsaa fi hubannoo sammuu namaa akka cimsu ibsama. Kan biraa, xiinsammuu, cimina qaamaafi ilaalcha isaanii fooyyessuun jireenya hawaasummaa gara fuula duraa irratti hubannoo akka qabaataniif akka qophaa'an isaan taasisa. Kana irratti Heughfi Skutnabb Kangs(2010) akka ibsetti,afaan dhalootaa afaan barnootaa gochuun filatamaaf murteessaadha. Sababni isaa, adeemsa baruufi barsiisuuf haala mijeessa,dandeettii barachuu bu'uura daa'immanii cimsa.Dabalataan, Benson(2004) akka ibsetti, daa'imman afaan dhalootaan barsiissun harcaatii, kufaatiifi irradeebii barattootaa hi'isuuf bu'aa qaba.Afaan dhalootaa daa'imman waan haaraa akka beekan si'aayinaafi kaka'umsa isaaniitti kan horudha. Daandii daa'imman gara beekumsaatti ittiin dhufaniidha.

Dabalataan, Benson(2009) akka ibsetti, daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun seenaa fi guddina dubbattoota afaanichaa miidhaa irrraa hanbisa. Aafaan dhalootaan daa,imman barsiisuun,aadaa,duudhaafi hambaalee seenaa hawaasichaa kunuunsuuf fayyada. Kana malees, Benson(2002) akka ibsetti, daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun aadaa, duudhaafi hanbaalee seenaa hawaasichaa kunuunsuuf fayyada.Kana malees Benson (2002) akka ibsetti,daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun maatiin barsiisota waliin walitti dhufeenya gaarii uumuudhaan barnoota daa'immanii irratti caalmaatti akka

hirmaatan isaan kakaasa. Dhumarrattis,hawwiifi fedhii barnoota idilee afaan dhalootaa barachuu bu’aa akka qabu hubannoo isaan keessatti hora.

**II. Ilaalcha Ofii Qaban Gabbisuu**

Afaan dhalootaa barnoota ittiin kennuun kabaja eenyummaa, olaantummaa sabaafi loogaa mirkaneessa.Dabalataan,Caaltuu (2005)akka ibsitetti, afaan dhalootaa afaan barnootaa yoo taasisan daa’imman gara mana barumsaa yemmuu deeman ofitti hin qaana’an, ofitti amanamummaa guutuun eenyummaa ofii afaan oafiin ibsatu. Haala kanaan daa’imman afaan dhalootaan barachuun miira abbummaafi eenyummaa cimaa akka horatan isaan gargaara. Kana malees, kaka’umsaafi jajjabina akkasumas, dandeettii kalaqa uumamaa isaanii guddusa.Daa’imman afaan dhalootaan barachuun akka of ta’an, sansaka gaarii qabaatanii fi beekumsa gaarii horatanii akka guddatan isaan taasisa. Daa’imman afaan isaanii kan hin taaneen (kan hin beekneen )yoo baratan, mana barumsaaf daree barnootaa keessatti sodaatoo, kan qaana’an, eenyummaa ofiitti kan saalfatan ilaalcha gad aantummatu isaanitti dhagahama.Kana amalees, Caaltuu(2005)akka UNESCO (2005) wabeeffachuun,akka ibsitetti , daa’imman afaan dhaloota isaanii hin taaneen yoo baratanbarnoota isaanii ni kufu,irra deebi’uufi addaan kutuun umurii barnoota isaanii qisaasessu.Walumaagalatti, afaan dhalootaan barachuun, dandeettii waa xiinxaluu, ofjaallachuufi hawwii gara fuulduraatti waan ta’uu barbaadan filachuufi abbaa kalaqaa isaan taasisa.

**III. Barnoota qulqullina qabu kennuu**

Biyyoonni addunyaa kanaa hedduun biyyoota sabdanee fi afdaneedha.ta’us,karaa siyaasaa, uummta tasgabbiidhaan gara fuulduraatti tarkaanfachiisuudhaaf, imaammata afdanee dhiisuun imaammata aftokkee barnoota ittiin barsiisu.kun immoo daa’imman afaan dhaloota isaanii waan hin taaneef rakkisaadha.Sababa kanaan bu’aan barnoota isaanii gad aanaa ta’a.kana malee, Caaltuu(2005) akka ibsitetti reeshoon kufaatii fi barnoota addaan kutuu isaanii akka dabalu taasisa,qulqullinni barnootaas akka gadi bu’u godha. Kan biraa, dandeettii dubbisuuf barreesuu,qabiyyee idilee barnootaa waliin swalbira qabanii daa’imman afaan dhalootaan barsiisuun qulqullina barnootaa eegsisuuf bu’aa hedduu qaba.Dabalataan, daa’imman suuta suutaan waan beekan irraa gara waan

hin beekneetti ce'u,afaan dhalootaan barsiisuun immoo, dandeettii barachuu akka argataniif guddifatan isaan gargaara.

### 2.7. Quunnamtiifi Afaan Walitti Makuu

Afaan dhalli namaa jiruufin jireenya geggeessuu keessatti walitti dhuifeenya ummee akka jiraatu wantoota taasisan keessaa tokkodha.Hawaasni aadaa garaagaraafi afaan adda adda dubbatu walmakee gamtaan jiraata.Hawaasni tokkummaan jiraatu kun immoo si'a afaan fayyadamu inni tokko afaan isa biroo afaan ofii keessatti seensisuun dhiima yeroo itti bahu mul'achuu danda'a.Afaan walkeessa makuu jechuun yeroo namni hawaasa isaa keessatti afaan addaa addaa seensisuun fayyadamu jechuudha.Zalaalam(2012)Gumperzifi Bakamba (1998,f.198-199) wabeeffachhuun waayee afaanii walitti makanii dubbachuu yoo ibsu fayyadama afaanii keessatti afaan dubbataa jiran irraa gara afaan birootti ceyuun dhuma himootaa yookiin dubbii gidduutti jechoota, gaaleewwaan, maxxantootaafi himoota fayyadamuu akka ta'e ibsa.

Haaluma kanaan Hundson(l996,f.52)yoo ibsu, "A speaker choose a language which the person understand," jedha.Kunis dubbataan afaan tokkoo waliigeltee uumuu keessatti akkaataa dhaggeeffataan hubatutti faan filatee itti fayyadamuudha.Yammuu afaan walitti makanii dubbatan afaan hundi seera mataa isaa waan qabuuf aadaafi duudhaa afaan tokkoo eeguu dhiisuu danda,a.kanaafuu afaan walitti makanii dubbachuun dhiibbaa mataa isaa danda'e qaba.

### 2.8.Yaadiddamoota Afaan Dhalootaa Barachuu

#### 2.8.1.Yaadiddama Amaleessitootaa

Afaan kan baratamu akkeessaa, shaakaluu fi amala taasifachuun akka ta'e hayyoonni ibsan ni jiru.Ijoolleen sagaleewwaniifi haasaa naannoo isaaniitti dhagahaniin quunnamtii quubsaa uumuu isaanii yookiin maatiifi namootaan jejamuun isaanii ijoollee jajjabeessa. Naannolee isaaniitiin deggaramanii waan jabina argataniif sagaleewwaniifi dubbii naannootti dhagahan sana akkeessanii amala ofii godhachuu jalqabu.Ijoolleen waan dhagahan hundumaa altokkicha hin akkeessan.Kanneen sasalphaa ta'aniin eegalanii filannoodhaan akkeessu;caasaalee cimoo ta'an hanga hubatanitti dursa akkeessuu

eegaluun ni shaakalu sana booda, qaama amala isaanii taasifatu.Ioolleen martinuu walqixa akkeessuu hin eegalani.Hangi tokko dafanii akka gaariitti akkeessuu danda'u; hangi tokko garuu adeemsaan , suuta suutaan akkeesuu yaalu.

Akka ilaalcha kanaatti, qulqillinni afaan ijoolleen dhagahaniifi jajjabeessuun maatii akka ijoolleen afaan ciminaan barachuu itti fufan gahee guddaa qabaata. Boodas kanneen haaraa ta'anitti ce'u.Akka ilaalcha hayyoota kanaatti dagaaginaa fi afaan barachuu ijoollee keessatti wanta dhagahan sana akkeessuu fi shaakaluun qaama amala isaanii taasifatu.Akkaataa afaan tokkoffaan itti baratamu irratti beektonni biroon yaada dabarsan ni qabu.Keessumaa akkaataa himmootni walxaxan haassaa ijoollee keessatti dagaaguu danda'an sirriitti xiinxaluun barbaachisaadha.

### 2.8**.2.Yaadiddama Uumessitootaa**

Akka yaadiddama uumessitotaatti, 'ijoolleen uumamaan dandeettii afaan baruu qabatanii dhalatu' jechuun amanu.Hayyuu beekamaan Choomiskii jedhamu yaada kana akka fudhatama argatuuf ciminaan deggera;yaada amaleessitootaas qeeqaa tureera. Choomiskiin yaada isaa kana yoo ibsu, ijoolleen dhalatanii nyaata gahaa yoo argataniifi fedha isaaniitiin socho'uuf yoo bilisa ta'an, deemuu ni baratu;adeemsa danda'uufis itti himamuu hin qabu. Ijoolleen hedduun yeroo walqixa ta'e keessatti adeemuu danda'u.Haalli dhalli namaa itti adeemus walfakkata.Akka ilaalcha hayyuu kanaatti afaan barachuunis kanumaan walfakkata.Dabalataanis ogeeyyiin afaanii akka ibsanitti 'afaan barachuuf naannuun deggersa bu'uuraa kennuu ni danda'a; garuu murteessaa miti' jedhu.Kan murteessaaf gahee guddaa qabu dandeettii uumamaan argaman akka ta'e jala sararu.

Akka choomiskkiin ibsutti ijoolleen yeroo afaan baratan odeeffannoo isaan barnbaachisu hunda kennuufiin hin danda'amu. Yemmuu jecha yookaan haasaa dogoggoraa haasa'anis maatiin isaanii dogoggora irraa tasumaallee hin sirreessan yookiin 'waan ani jedhe jedhi' jechuun hin qajeelchan. Kanaafuu jedha choomiskiin, sammuun ijoolle qaama duwwaa waan naannootti argamu akkeesee waraabuun kan guutamu miti.Ioolleen dandeettii addaa seera afaanii xiinxalanii bira gahuuf isaan gargaaru wajjin dhalatu jedha.

Choomiskiin dandeettii uumamaan argamu kanaan ‘jalqaba meesgaa afaan ittiin baratamu ( language Acquition Device/LAD/’ jedhe.Meeshaan kun akka saanduqa gurraachaa sammuu keessaa bakka tokkotti argamuutti ibsa.Saanduqni kun, sirna afaanii kan afaanota dhala namaa maraaf hojjechuu danda’u ta’ee; ijoolleen seera afaanii yeroo baratan dogoggora sirreessuu yookiin akka hin dogoggorre dhorkuuf kan tajaajiludha.Meeshaan kun akka hojii eegaluuf,ijoolleen afaan uumamaatti si’a tokko saaxilamuu qofti gahaadha. Afaan ijoolleen jalqaba itti saaxilaman meeshaa sna sochoosuu eegalan, caasaa afaanichaa akka salphaatti bira gahuu danda’u. kanaafuu, yaanni kun irra caalaatti caasaan afaanichaa ijoolleen itti saaxilamaniifi dandeettiin seera afaan baruu dhalootaan kennaman murteessaadha.Barreeffama dhiyoo keessatti Choomiskiifi hordoftoonni isaa meeshaa kanaan “tokkommaa seera afaanii” jedhanii moggaasan innis seerota afaan addunyaa maraaf hojjechuu danda’u ofkeessaa qaba. Si’a tokko afaan tokko eegallaan, afaan birootiifis kan tajaajilu ta’a.

Yaanni biroo Choomiski, ‘ijoolleen haala walfakkaatuufi yeroo walfakkaatu keessatti afaan baru’ kan jedhudha.Yaanni kunis akkuma duraan ibsame, ‘haalaafi yeroo ijoolleen adeemsa miillaa baeachuu eegalaniin walfakkata’jedha. Hata’u malee, sadarkaan saffisa afaaniis ta’e adeemsa baruu ijoollee walcaaluu ni mala. Ga’eessotni garuu,beekumsa afaanii hunda, haala afaan isaanii ittiin hojjetu hunda adeemsa walfakkaatuufi yeroo walfakkaatuun irra gahu.Seera afaanii walxaxaa ta’e ijoolleen afaan tokkoffaa baratan caalaa, rakkoo tokko malee bira gahuun to’atu(Chomsky, 1969).

Akka warra uumameessitootaatti, ‘ijoolleen waayee afaanii fakkeenya murtaa’aa tokko tokkoof saaxilamuun barachuun akkeessaa miti’ jedhu.Ijoolleen seera afaanii yaaliifi shaakalaan hin baratan;seera afaanii yoo barataniyyuu dogoggora hedduu illee hin uuman.Seera afaanii akka baratanuu kan isaan taasise immoo sirna tokkummaa seera afaanotaatiin deggeramuu isaaniiti.(Chomsky,1974;Papalia&Wendkos Olds, 1995; Hadaway, Vardell,& Young2002).Umurii:Hayyootni qorannoo geggeessaniin akka ibsanitti afaan barachuuf umuriin murteessaa ta’e jiraachuun isaa mirkaneessaniiru.Daa’imman umurii murteessaa ta’e kana keessatti seera afaanii hunda hanga caasaa walxaxaa ta’etti baratanii bira ni gahu.Garuu, sababa hir’ina qaamaatiin

hawaasa irraa adda bahuun osoo afaan hin baratiin yoo turan, hangam barsiifamanis ta'e deggersi kamiyyuu yoo godhameef afaan jalqabaa barachuu hin danda'an.Wayitiin umurii murteessaa jedhamee beekamu kunis waggaa 3-13 ta'uun isaa beekameera.

### 2.8.3.Yaadiddama Quunnamsiistotaa

Akka quunnamsiistotsstti, dagaagina afaanii murteessuuf dandeettiin uumamaan argamuufi naannoon afaan keessatti dubbatamu walquunnamsiisuun barbaachisaadha jedhu. "Afaan dandeettii uumamaan nama qofaaf kennameefi naannoo daa'imman keessatti guddatan irratti hundaa'uun dagaaguudha" jedha. Dandeettiin uumamaan argamu naannoo mijaawaa afaan keessatti dubbatamuun alatti qofaa isaa faayidaa akka hin qabne ni ibsu.Daa'imman hawaasa keessatti dhalachuu isaanii yoo haasaa yookaan quunnamtiin hin jiru ta'e, afaan barachuu wanti isaan dandeessisu hin jiru jedhu. Yaadaddamni kunis amaleessutootaafi uumameessitoota irraa kan ergiftamedha.Dimshaashumatti,yaadiddamootni kun dagaagina afaan daa'immaniifi yaada bu'a qabeessa gumaachanii jiru. Yaadni uumameessitootaa haala seera walxaxaa itti afaanni baratamuu danda'u ibsuuf faayidaa guddaa qaba. Walquunnamsiistotnis, barbaachisummaa yaada gara lammannii walittti fiduun afaan tokkoffaan akkamitti akka baratamu ibsaniiru.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keeaatti malleen qoranncha ittiin geggeeffameefi wantoota mala qorannichaa walqabatan saxaxa,irraawwatama , madda ragaalee,iddattoofo mala iddatteessuu, mala ragaaleen ittiin sassaabamu,mala ragaaleen ittiin qaacceeffamanniifi kkf ofkeessatti kan hammateedha.

## 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Qorataan qorannoo geggeessu tokko saxaxa qorannoo jiran keessaa kan qorannoo isaa waliin adeemu adda baafatee filachuun hojii qorannoo keessaa isa ijoodha. Bu’uuruma kanaan qorattuun qorannichaa mala makaa keessaa kan walfaana ragaa mala hammataafi qulqullee (convergent mixed parallel design ) sassaabuun geggeessite.

## 3.2.Irraawwatama Qorannichaa

Qorannichi kan adeemsifame manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa mootummaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman baay’inni isaanii afur ta’errattiidha. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti barattoota, barsiisota, hooggantoota manneen barnootaafi maatii barattootaa akka iddattootti filatamaniidha.

## 3.3.Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Hojii qorannoo adeemsisuu keessatti iddattoo qorannichaa adda baafachuun baay’ee murteessaadha. Ta’us,dhimma akaakuu iddattoo ilaalchisuun , Dastaan ( 2013,f.102},Trochim( 20060 wabeeffachuun yoo ibsu, “ Sampling methods are classified as either probability or non probability.” Yaadni kun immoo ,iddattoon akka waliigalaatti bakka lamatti akka qoodamu agarsiisa.Kanaafuu,qorannoo kana keessatti qorattuun iddattoowwan lamaan jiranitti fayyadamte.Mala carraatti fayyadamuun manneen barnootaa mootummaa bulchiinsa Buraayyuu jala jiran ja’a keessaa carraa maruun saanduqa waraqaa irraa qophaa’etti naquun sochoosuun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa afur(% 66.7) carraadhhan keessaa ba’an filatte. Akkasumas,barsiisota gosa barnootaa garaagaraa barsiisan 116 manneen barnootaa afur keessa jiran keessaa mala carraa tasaan barsiisota 90( % 77) kan filattee yemmuu ta’u mala miti carraatiin immoo hooggansa manneen barnootaa fi maatii barattootaa 21 fudhachuun qorannicha geggeessite.

### 3.4..Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorattuun qotannoo kana geggeessite meeshaalee funaansa ragaa sadii: af-gaaffii,bargaaffiifi daawwannaatti fayyadamte.

### 3.4.1. Af-gaaffii

Qorattuun itti fayyadama afaanii barattootaa ilaalchisee ragaan maatiifi hoggantoota manneen barnootaarraa saassabamu dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf murteessaa ta'uusaa hubahuun qaamaan maatii lakkoofsi isaanii 21fi hoggantootta manneen barnootaa 4 ta'an biratti argamuun ragaa sassaabbatteetti. Ragaalee barbaachisan kanneen walitti qabachuufis gaaffileen af-gaaffiin mit-caaseffamaa ta'an maatii daa'immaniifi hooggantootaaf qophaa'anii dhiyaachuufiin sassaabaman.

### 3.4.2,Bar-gaaffii

Ragaa qorannichaa sassaabuuf meeshaalee funaansa ragaa qorattuun hojiirra oolchuuf karoorfatte keessaa tokko bar-gaaffii ture. Bu'uuruma kanaan qorattuun gaaffilee filannoo qaban kan filannooa afur afur qaban baay'inni isaanii 8 ta'e qopheessuun barsiisota manneen barnootaa afur qorannicha keessatti geggeeffameef raabsuun ragaalee barbaachisoo ta'an akka guutan taasiste.

### 3.4.3. Daawwannaa

Odeeffannoo af-gaaffiifi bar-gaaffiin sassaabame tumsuuf daawwannaatti fayyadamuun barbaachisaa waan ta'eef, qorattuun duraan dursitee sagantaa daawwannaa qopheeffatte.Sagantaa qopheeffatte irratti hundaa'uun cheeklistii qopheessuun gola barnootaa keessatti qaamaan argamtee ragaa itti fayyadama afaanii daa'immanii barbaachisu yaadannoo qabachhuufi moobaayiliin waraabbii geggeessuun waliti qabatte.

### 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorattuun qorannichaa meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaa gargaaramuun ragaalee erga waitti qabatteen booda ragaalee abar-gaaffiifi walitti qabatte mala hammamtaan ( lakkoofsaan ibsuu) fayyadamtee xiinxalte. Ragaalee af-gaaffiifi daawwannan walitti qabame immoo mala qulqulleen himootaafi keeyyataan yaada qindeessuun xiinxalte.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti itti fayyadama aafaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa buraayyuu ilaalchisee ragaalee afgaaffii,bargaaffiifi daawwannaan funaanamantu qaacceffame.Qaaccessa kana keessatti akkaataa naannoo mana jireenyaa, daree barnootaa keessatti wayitii barsiisaan barsiisu gochoota garaagaraa kenneen akka hirmaatan taasisu haala ittiin afaanitti fayyadaman, faarfachuu keessatti haala ittiin afaanitti fayyadaman,daree barnootan alatti yemmuu taphatan haala ittiin afaanitti fayyadamaniifi fayyadamaa afaanii isaaniitti wantoota gufuu ta’uu danda’anillee ibsameera.

**Odeeffannoo waliigalaa Barsiisotaa**

| | | Saala | | |
|---|---|---|---|---|
| | | **Dhi** | **Du** | **Id** |
| **Sadarkaa Barnootaa** | 12+1 | - | - | - |
| | Dippiloomaa | 15 | 19 | 34 |
| | Digirii Jalqabaa | 20 | 36 | 56 |
| | Digirii Lammaffaa | - | - | - |
| | **Ida’ama** | **35** | **55** | **90** |
| **Umurii** | Wagaa 18-20 | 7 | 8 | 15 |
| | 21-25 | 15 | 12 | 27 |
| | 25-30 | 5 | 13 | 18 |
| | 30 -35 | 3 | 10 | 13 |
| | 35 0l | 5 | 12 | 17 |
| | **Ida’ama** | **35** | **55** | **90** |
| **Muuxannoo hojii waggaan** | Waggaa 1-2 | 5 | 3 | 8 |
| | Waggaa 3-4 | - | - | - |
| | Waggaa 5fi isaa ol | 30 | 52 | 82 |
| **Ida’ama** | | 35 | 55 | 90 |
| **Parsantii** | | 100 | 100 | 100 |

Gabatee kanaa oliiraa akka hubachuun danda’amu barsiisoonni deebii kennuun hirmaatan sadarkaan barnoota isaanii dippiloomaafiisaa ol yemmuu ta’u, gama hirmaannaa koorniyaatiin immoo dubarri harka caalu akka qabate hubatameera.

Akkasumas ,muuannoo hojii barsiisummaa waggaa lamaa hanga sadii gidduu jiru kan qaban ta'uu ragaa dhihaaterraa hubachuun nidanda'ama.

**Odeeffannoo waliigalaa Maatii Daa'immanii**

| | | Saala | | |
|---|---|---|---|---|
| | | **Dhi** | **Du** | **Id** |
| **Sadarkaa Barnootaa** | Kan barnoota hinqabne | - | - | - |
| | Kutaa 8 gadi | - | - | - |
| | Kutaa 8fi isaa ol | 5 | 2 | 7 |
| | Kutaa 12fi isaa ol | 12 | 2 | 14 |
| | Ida'ama | 17 | 4 | 21 |
| **Umurii** | Wagaa 18-25 | 2 | 1 | 3 |
| | 26-30 | 4 | 1 | 5 |
| | 30 ol | 11 | 2 | 13 |
| | Ida'ama | 17 | 4 | 21 |
| **Haala hojii** | Hojjetaa mootummaa | 12 | 2 | 14 |
| | Hojii dhuunfaa | 5 | 2 | 7 |
| **Ida'ama** | | 17 | 4 | 21 |
| **Parsantii** | | 100 | 100 | 100 |

Gabatee olitti dhihaate irratti maatiin daa'immanii ragaa qorannichaaf barbaachisu kennuun hirmaatan baay'inni isaanii 21 yemmuu ta'u , saalli lamaanuu kan keessatti hirmaataniifi harki caalu (81% ) dhiira akka ta'e hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, gama haala hojii ilaalchisee namoonni baay'inni isaanii 33.3% ta'e hojii dhuunfaa issanii kan hojjetan yemmu ta'an ,namoonni baay'inni isaanii 66.7% ta'e immoo hojii mootummaa hojjechuun kan jiraatan ta'uu hubanna. Gama sadarkaa barnootaatiin immoo namoonni hundi kan baratan ta' uu hubachuun nidanda'ama

### 4.1. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Maatii Barattootaa

Afgaaffiin meeshaa funaansa odeeffannoo keessaa tokko ta'ee qaamota odeeffannoo kennuu danda'an qaamaan walquunnamuun ragaaleen barbaachisaa ta'an kan funaanamanidha. Maatiin barattootaa odeeffannoo qorannoo kanaan kennaniin walqabatee gaaffilee dhiyaateef deebii banaaf cufaa ta'an garaagaraatiif deebii laatanii jiru.Isaanis kanneen jiraattota magaalaa burayyuu kan baa'inni isaanii dhiira 14fi dubartoota 7 ta'an mala miti carraa keessaa kaayyeffataa fayyadamuun qorattuun kun odeeffannoo kan funaannattedha.

**A. Mana Jireenyaatti Afaan Fayyadaman**

Gaaffileen mana jireenyaatti afaan fayyadamaniin afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun jira jedhuun walqabatee deeb-kennitoonni baay'inni isaanii 18 ta'an eeyyee yoo jedhan kanneen 3 ta'an immoo lakki jechuun deebiiisaanii kennanii jiru.Kanneen eeyyee jedhan afaan amaaraa fi afaan oromoo kan fayyadaman ta'uu yoo ibsan kanneen lakki jedham immoo Afaan oromoo qofa jechuun ibsaniiru Kanneen afaan garaagraa fayyadaman akka sababaatti wanti isaan dhiyeessan namoota afaan garaagaraa dubbatan keessa ooluu ijoollee keenyaafi adeemsa waliin jireenyaa keessatti waljalafayyadamuun kan mula'atudha jechuun ibsaniiru.

Akkuma yaada kanarraa hubachuu dandeenyutti haalli itti fayyadama afaanii hawaasummaa faana kan walqabatuufi yeroo hawaasa afaan garaagaraa fayadaman afaan walitti makanii fayyadamuun jira. Gama biraatiin immoo amala afaanii keessaa tokko dhiigaan kan darbu osoo hin taane kan baratamuudha.Fakkeenyaaf ijoollee maatiin isaanii oromoo ta'anii maatiin afaan oromoo sirriitti fayyadamanii ijoolleen isaanii goonkumaa fayyadamuu hin dandeenyeefi waliin makan sababa naanoo irraa barataniifi afaan amala hawaasummaa qabaachuu isaati gama biroon miidiyaan meeshaa addunyaa waliin guyyaa guyyaatti walarganiifi keessatti of ilaalan ta'uun beekamaadha. Deebii od-kennitoonni kunneen odeeffannoo kennaniin walqabatee miidiyaa afaan oromootiin tamsaasan kanneen akka OBN Gaammee fi OBN Horn Of Africa jedhanii yaada isaanii kanneen kennan kanneen baay'inni nisaanii 17 ta'an yoo kennan kanneen dabalatee diraamaafi fiilmii garaagaraa afaan birootiin darbanillee kanneen hordofan ta'uu ibsaniiru

kanneen baay'inni isaanii 4 ta'an immoo miidiyaa afaan garaagaraan dabarsan dabaree dabareen waan ilaalaniif tokko nqofa hordofuu qabda jedhanii daangessuun hin danda'amu jechuun yaada isaanii kennaniiru.Akkuma yaada kana irraa hubannu miidiyaaleen afaan garaagaraa dabarsan hedduun akka jiran beekamaadha.Miidiyaaleen kunneenis ergamaafi kaayyoo mataa isaanii kan qabanidha.

Miidiyaa garaagaraa hordofuun odeeffannoo garaagaraa argachuuf murteessaa haata'uyyuu malee xiyyeeffaannoo olaanaan garuu miidiyaa afaan dhaloota isaaniitiin tamsaasan yoo bal'inaan fayyadaman gahee olaanaa qaba.Fakkeenyaaf miidiyaalee afaan oromootiin tamsaasan kanneen akka OBNfi OBS yoofudhanne kaayyoon isaanii inni guddaan adaaf afaan uummata oromoo dagaagsuu,aadaafi duudhaa barsiisuu, bakkeewwaan hawwata turizimii garagaraa hubachiisuu, seenaafi gootota oromoo garaagaraan walbarsiisuu, afoola uummata oromoo kan kuufamee jiru baasanii ibsuufi tokkummaa dagaagsuu keessattiillee gahee guddaa waan qabaniif akka hordofan carraa uumuuniifi dhaloota jiru kana keessatti kaka'umsaafi fedhii horuuf ga'ee guddaa qaba.
Afaanota garaagaraa fayyadamuun walqabatee deeb-kennitoonni kunneen yaada kennaniin afaan oromoo jechuun yaada isaanii yoo kennan garuu afaan amaaraas yeroo tokko tokko fayyadamuun ni jira jechuun ibsaniiru.sababoota afaan biro fayyadamaniifis yoo ibsan sabaafi sablammoota afaan garaagaraa dubbatanwalliin jiraachuu dhimmoota akka hawaasummaafi diinagdee keessatti waliin hirmaachuufi kkf walqabatee yeroo afaan amaaraa fayyadaman kan jiru ta'uu ibsaniiru. Akkuma armaan olitti yaadota kennaman irraa hubachuu dandeenyu afaan oromoo bal'inaan haa fayyadaman malee afaan amaaraallee kan gargaaraman ta'uu hubanna.

Yaada kanarraa akka hubachuun danda'amutti maatiin baay'een mana jireenyaa isaanii keessatti afaan oromoo kan fayyadaman yoo ta'u darbee darbee garuu sababoota sabaaf sablammoota garaagaraa waliin jiraataniif afaan biros itti makanii fayyadamuun akka mul'atu kaasaniiru kun immoo barattoonni afheddee ta'uuf hagargaaru malee dhiibbaa itti fayyadama afaan oromoo hanga barbaadame dagaagfachuu keessatti dhiibbaa qabaachuun isaa beekamaadha.

#### 4.1.1. Qaaccessa Ragaalee Afgaaffii Hooggantoota Manneen Barnootaa SadarkaaTokkoffaa

Afgaaffii barattoonni mooraa mana barumsaa keessatti haala kamiinfayyadamu ?jedhuuf deebii hooggantoota mana barumsaa kennan.

**QMBO(01)**

Barattoonni mana barumsaa keenyaa mooraa mana barumsaa keessatti bifa adda addaan afaanitti fayyadamu. Innis, Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa walkeessa makuun yeroo baay'ee nimul'ata. Itti dabalees, Yeroo boqonnaafaa taphoota gosa adda addaa yemmuu cimdiifi gareen taphatan jechoota hinwaaltofneefi hawaasa biratti hinbeekamnefaas nifayyadamu.

**QMBD(02)**

Mana barumsaa keenya keessati barattoonni afaanitti bifa waalta'een itti fayyadamaa kan jiran miti. Keessattuu daree barnootaan alatti afaan garaagaraa walkeessa makuun iti fayyadamu.Yeroo boqonnaafi naannoo kabaja alaabaatti akkaataa walitti dhihaataniin kaan Afaan Amaaraa, kaan immoo Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa walkeessa fuudhuudhaan yemmuu waliin dubbataniifi taphatan nimul'ata.

**QMBK(03) "** Barattoonni mana barumsaa keenyaa baay'inaan Afaan Oromootiin yemmuu waliigalan muraasni isaanii immoo Afaan Amaaraatiin waliigaluun afaanitti fayyadamu."

**QMBH(04) "**Barattoonni mana barumsaa keenyaa haala nama wajjin waliigaltee taasisaa jiranii irratti hundaa'uun afaanitti fayyadamu. Yeroo baay'ee Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa walkeessa makuun itti fayyadamu."

Deebii deebistoonni kennan kana irraa akkuma hubatamu barattoonni mana barumsaa keessatti afaan adda addaa walkeessa makuun akka itti fayyadamaniidha.

Afgaaffii adeemsa qajeelfamoota barattoota hubachisuufi sirna alaabaa kabachiisuu keessatti afaan kamitti dhimma baatu? Jedhuuf deebii kenname.

**QMBO(01) "** Qajeelfamoota barnootaa kan mirgaafi dirqama barataa wajjin walqabatan barattoota hubachiisuuf Afaan Oromoo fayyadamana. Akkasumas, sirna alaabaa kabachiisuufis Afaan Oromootti fayyadamna."

**QMBD(02) "**Afaan barnoonni naannoo Oromiyaatti ittiin kennamu Afaan Oromoo waan ta'eef, Afaan Oromootti fayyadamna."

**QMBK(03)** "Qajeelfamoota barnootaa kan naamusa barattootaa, mirgaafi dirqama isaanii waliin walqabatan barsiisuufis ta'e sirna alaabaa kabachiisuuf Afaan Oromootti fayyadamna."

**QMBH(04) "**Mana barumsaa keenya keessatti qajeelfamoota barattoota hubachiisuufis ta'e sirna alaabaa kabachiisuuf Afaan Oromootti fayyadamna."

Deebii afgaaffii deebistoonni keennan kana irraa kan hubatamu manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti qajeelfamoonniifi kabajni sirna alaabaa Afaan Oromootiin kan kennamu akka ta'eedha.

Afgaaffii **b**arattoonni afaan barnoonni ittiin kennamu sirriitti akka itti fayyadamaniif hojiin bulchiinsaa karaa keessan hojjetame maaltu jira? iedhuuf deebii kenname.

**QMBO(01)**

**A**faan Oromoo saba Oromootiif eenyummaa isaa, aadaafi duudhaa isaa kan ittiin ibsatuudha. Afaan kun immooo naannoo Oromiyaa keessattii manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa keessatti afaan barnootaafi afaan hojiiti. Bu'uuruma kanaan mana barumsaa keenyaatti wayitii Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraa irraa kan hafe gosti barnootaa biroon Afaan Oromootiin akka kennaman hordoffii nitaasisna,hawaasni mana barumsichaas waliigatee taasisu hunda Afaan Oromootti akka taasisu nijajjabeessina, ofii keenyaas afaanichatti fayyadamna.

**QMBD(02)** "Afaan barnoonni ittiin kennamutti barattoonni sirriitti akka fayyadamaniif hordoffii taasisna. Akkasumas, hojii hubannoo uumuufi deeggarsa keennuu taasisna."

**QMBK(03)** "Qabiyyee barnootaa barsiifamu hubachuuf afaan ga'ee guddaa qaba. Kanaafuu, barattoonni afaan barnoonni ittiin kennamu sirriitti akka fayyadamaniif walitti fufiinsaan hojii hubanoo uumuufi hordoffii taasina."

**QMBH(04)** "Mana barumsaa keenyatti barattoonni afaan barnoonni ittiin kennamu sirriitti akka fayyadamaniif hordoffii nitaasisna.Ta'us barattoonni dareen alatti haala isaan afaanitti fayyadaman to'achuun ulfaataadha."

Deebii deebistoonni kennan kana irraa akka hubatamu manneen barnootaa keessatti barattoonni afaan barnoonni ittiin kennamu sirriitti akka itti fayyadamaniif bulchiinsi mana barumsaa hojii hubannoo uumuufi hordoffii akka taasisaa jiraniidha. Haa ta'u malee, kutaa barnootaan alatti haala itti fayyadama afaanii to'achuun cimaa akka ta'eedha.

Barattoonni afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne wantoonni taasisan maalfaatu jiru?

Afgaaffii barattoonni afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne wantoonni taasisan maalfaatu jiru?jedhuuf deebii deebistoonni kennan.

Barattoonni afaan dhalootaa isaanii qofa akka hinfayyadamne wantoonni taasisan baay'een jiraachuu malu. Isaan keessaa muraasni haala jireenya hawaasummaa sabaafi sablammoota afaan garaagaraa dubbatan safara tokko keessa jiraachuu, mana amantaa tokkotti waliin waaqeffachuu, hiryummaa barattoota gidduu jiruufi ilaalcha maatiin afaan irratti qabu shoora olaanaa qabu jechuun deebii isaanii kennaniiru.

Deebii deebistoonni kennan kana irraa akka hubatamuuf afaan kan dagaagu maatiifi shaakala walitti fufaa hiriyaa waliin taasifamu irraa akka ta'eedha. Kanaafuu, haalli jireenya hawaasummaa, hiriyummaan barattootaafi ilaachi maatiin afaan irratti qabu barattoonni afaan dhaloota isaanii qofa akka hindubbanneef danquu akka danda'uudha .

### 4.2 Qaaccessa Ragaalee Bargaaffiin Barsiisota Irraa Argaman

**A. Mana Barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliin waliigalu**

| **Mana barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliinwaliigaltu?** | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Afaan Oromoo | 79 | 87.8 |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | 11 | 12.2 |
| Afaan Ingilizii | - | - |
| Sadanuu | - | - |
| Ida'ama | 90 | 100 |

Gabatee 1: Afaan Barsiisonni Barattoota waliin walii Galan Kan Agarsiisu Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti mana barumsaa keessatti afaan ittiin barsiisonni barattoota waliin waliigalan irratti hundaa'uun deeb-kennitoonni lakkoofsaan 79 ta'an yookiin 87. 8 % ta'an Afaan Oromootiin kan waliigalan yemmuu ta'an barsiisonni 11( 12.2 %) immoo Afaan Oromoofi Afaan Amaaraatiin kan walii galan ta'uu isaanii ragaan qoratichaaf kennan nimirkaneessa. Kanaafuu akka waliigalaattii Afaan Oromootiin waliigalteen barattootaafi barsiisotaa kan adeemsifamaa jiru ta'uun hubatameera.

**B. Haala itti Fayyadama Afaan Oromoo waliigaltee keessatti barattoota gidduutti Mul'atu**

| **Adeemsa waliigaltee keessatti barattoonni afaan kam fayyadamu?** | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Afaan Oromoo | 87 | 96.7 |
| Afaan Amaaraa | - | - |
| Afaan Ingilizii | - | - |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | 3 | 3.3 |
| Ida'ama | 90 | 100 |

Gabatee 2: Akaakuu Afaanii Itti Fayyadama Afaanii Barattoota Gidduutti Mul'atu kan Agarsiisu

Gabateen kun kan ibsu akka deebii kennitoonni lakkoofsaan 87(96.7%) ta'an baroottoonni adeemsaa waliigaltee keessatti Afaan Oromoo fayyadamu yoo jedhan kanneen baay'inaan namoota 3 yookiin parsantiin 3.3 ta'an immoo adeemsa waliigaltee keessatti barattoonni Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta'uu ibsu. Akka waliigalatti ragaa kanarraa wanti hubatamu barattoonni adeemsa waliigaltee keessatti harki caalaan Afaan Oromoo haafayyadaman malee kanneen Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo waliin makuun fayyadamanis kan jiran ta'uu hubanna.

C. **Afaan garaagaraa walitti makuun**

| **Mana barumsaa keessatti afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun nimul'ataa?** | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Eeyyeen | 90 | 100 |
| Lakkii | - | - |
| Hamma tokko | - | - |
| Tasumaa hinmul'atu | - | - |
| Ida'ama | 100 | 100 |

Gabatee 3: Haala Afaan Garaagaraa waliin Makuu Barattootaa Kan Agarsiisu Deeb-kennitoonni deebii kennan keessaa 90 yookiin parsantii 100% barattoonni afaan garaagaraa waliin makuun kan fayyadaman ta‘uu kan mul‘isaniidha.kunis adeemsa baruufi barsiisuu keessatti osoo hintaane adeemsa waliigaltee isaan gidduutti adeemsifamu irratti kan hundaa‘e ta‘uun armaan olitti ibsamee jira

**D. Itti Fayyadama Afaanii Hawaasa Naannoo Mana Barumsaa**

| **Hawaasni naannoo mana barumsaa yeroo ammaa itti barsiisaa jirtan afaan kam bal'inaan fayyadamu?** | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Afaan Oromoo | 70 | 77.8 |
| Afaan Amaaraa | 20 | 22.2 |
| Afaan Ingilizii | - | - |
| Afaan Oromoofi Afaan Amaaraa | - | - |
| Afaan biro | - | - |
| Ida'ama | 90 | 100 |

Gabatee 4: Odeeffannoo itti fayyadama afaanii Hawaasa mana barumsaa waliin Jiru Kan Agarsiisu

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda‘amutti manneen barnootaa kutaa magaalaa Buraayyuutti argaman naannoo Oromiyaa , bulchiinsa magaalaa Shaggar jala galu waan ta’eef Afaan hojii Afaan Oromoo ta’uun isaa beekamaadha. Ta’us, magaalaa Finfinnee waliin ollaa jirti sababa ta’eef itti fayyadama afaanii irratti kan isaan walitti fidu nijira. Deeb-kennitoonni ragaa kennaniin walqabatee kanneen baay‘inni isaanii 70 (77.8%) ta‘an hawaasni naannoo mana barumsaa Afaan Oromoo kan fayyadaman ta‘uu yoo ibsan,kanneen baay‘inni isaanii 20 (22.2%) ta‘an immoo hawaasni naannoo mana barumsaa Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta‘uui bsaniiru. Hawaasni naannoo mana barumsaa harki caalu Afaan Oromoo haa fayyadamanii malee namoonni muuraasni Afaan Amaaraa kan fayyadaman ta‘uu deebii kennitoota kanarraa hubachuun danda‘ameera.

E. **Barattoonni Afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamnekan taasisu**

| **Barattoonni adeemsa waliigaltee keessatti afaan dhaloota isaanii akka hinfayyadamne wantoonni danqaa ta’an maalfa’i?** | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Ilaalcha maatiin itti fayyadama afaaniirratti qabu | 60 | 66.7 |
| Sabaafi sablammiin afaan garaagaraa dubbatu waliin jiraachuu | 30 | 33.3 |
| Mana barumsaa biraa keessatti Afaan Amaaraatiin barnoonni kennamaa waan jiruuf | - | - |
| Wanti adda ba’ee beekame hinjiru | - | - |
| Ida’ama | 90 | 100 |

Gabatee 5: Ragaa barattoonni**afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne wantoota taasisan a**garsiisu

Gabatee oliti argamu irraa akka hubachuun danda’amu sababa barattoonni afaan dhaloota isaanii qofa hinfayyadamne taasisaniif deebii kennitoonni lakkoofsi isaanii 60

yookiin parsaantii 66.7 ilaalcha maatiin itti fayyadama afaaniirratti qabu jechuun yemmu deebii kennan deebii kennitoonni lakkoosi isaanii 30 yookiin parsantii 33.3 ta'an immoo waliin jireenya hawaasummaa namoota afaan garaagaraa dubbataniidha jechuun deebii akka kennantu hubatameera.

**F. Barattoonni Afaan dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dhabuun dhiibbaa inni barnoota isaaniirratti qabu**

| Barattoonni afaan dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dadhabuun barnoota isaanii irratti miidhaa maalii qaba | **Deebii Kennitoota** | |
|---|---|---|
| | **Lakkoofsaan** | **Parsantiin (%)** |
| Qabiyyee baratan irratti hubannoo ga'aa akka hinqabaanne taasisa | 40 | 44.4 |
| Dandeettiiwwan gurguddoo Afaan Oromoo sirriitti dagaagfachuu hindanda'an | 30 | 33.3 |
| Jechoota walkeessa makuun waan fayyadamaniif namoota waliin haala salphaan waliigaltee uumuuf nirakkatu. | 15 | 16,7 |
| Barnoota isaaniirratti miidhaa fidu hinqabu. | 5 | 5.6 |
| Ida'ama | 90 | 100 |

Gabatee 6: Ragaa barattoonni Afaan dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dhabuun dhiibbaa inni barnoota isaaniirratti qabu **a**garsiisu

Gabatee kanaa olitti argamu irraa akkuma hubatamu deebistoonn lakkoofsi isaanii 40 (.44.6 % ) ta 'e barattoonni afaan dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dhabuun qabiyyee barnootaa hubachuurratti akka isaan danquu danda'u ibsuun deebii kennaniiru. Deebistoonni baay'inni isaanii 30(33.3% ) dandeettii gurguddoo afaan dhalootaa dagaagfachuuf akka issan rakkisu ibsuun deebii kan kennan yemmuu ta'u ,deebistoonni baay'inni isaanii 15 (16. 7% ) ta'e immoo namoota waliin waliigaltee haala salphaan

uumuuf rakkachuu danda’u jechuun  deebii kennaniiru. Deebii kanaan faallaa kan ta’e , deebii kennitoonni 5( 5.6 % ) barattoonni afaan  dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dadhabuun barnoota isaanii irratti miidhaa hinqabu jechuun deebii kenneera,  Yaada deebii kennitoota kana irraa akka hubatamutti barattooni afaan dhaloota isaanii sirnaan fayyadamuu dadhabuun qabiyyee barnootaa haala  gaariin  hubachuurratti, dandeettiiwwan afaanii dagaagfachuufi  haala salphaan waliigaltee uumuuurratti dhiibbaa akka qabu hubatameera.

### 4.3. Qaaccessa Ragaalee Daawwannaan Argaman

Daawwannaan odeeffannoo meeshaalee funaansa garaagaraatiin argaman qulqulleeffachuuf gargaara. Daawwannaan kunis yemmuu barattoonni daree barnootaa keessatti baratan , daree barnootaan alatti hiriyaa waliin yookiin gareen taphataniifi faarfatan akkaataa isaan afaan fayyadaman ilaalchisee moobaayiliidhaan waraabbii kallattiifi alkallattiin  yeroo  adda addaa  taasifameedha.

**Daree barnootaa keessatti akkamitti afaanitti fayyadamu?**Hojiin baruufi barsiisuu saayinsii faana kan walqabate ta‘uu irraa kan ka‘e barsiisaanis ta‘ee barattoonni saayinsii barsiisaniin walqabsiisanii afaan kan fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf afaan fayyadamaniin walqabatee Afaan Oromoo afaan barnootaa ta‘uun gosti barnootaa hundi kan ittiin baratamu yemmuu ta’u Afaan Ingiliziii kutaa tokkoo kaasee akka gosa barumsa tokkootti ittiin baratama, Afaan Amaaraa  immoo  kutaa shanii kaasee akka gosa barumsaa  tokkootti baratama. Kana irraa wanti hubatamu barattoonni sadarkaa tokkoffaa carraa Afaanota sadiitti fayyadamuu qabu.

### A. Fayyadama Afaanii Barsiisota Waliin

Barnoonni kan adeemsifamu daree barnootaa keessatti yoo ta‘u, haalli baruufi barsiisuu daree keessatti adeemsifamu gama waliigaltee barattootaafi barsiisotaa kan hammateedha. Ittifayyadamni afaanii daree keessatti mul‘atus dhimmoota baruufi barsiisuu faana walqabataniidha.Fakkeenyaaf seensa daree keessatti yeroo barsiisan gara daree barnootaa olseenu barattoota waliin haalli itti nagaa walgaafatan jira.

Barsiisaa :Akkam bultan barattoota ?

Barattoota: Gaarii galata Waaqayyoo Barsiisaa

Barsiisaa: Taa‘aa .

Barattoota: Galatoomaa barsiisaa .

Nagaa walgaaffii kana keessatti barssisaafi barattoonni haalli jechoota itti fayyadamaniifi yaada

isaanii itti waliif ibsan kan of danda‘eefi adeemsa mataa isaa qabuudha. “Akkam bultan barattoota ?’’jedhee yeroo barsiisaan nagaa gaafatu fayyadamni isaa barattoota hunda kan hammatuudha. Kunis sa‘aa irratti hundaa‘ee kan raawwatamu yoo ta‘u, waaree dura akkam bultan hima jedhutti yoo fayyadamnu waaree booda yoo ta‘e immoo akkam ooltan? Kan jedhutti fayyadamu. Kun maal agarsiisa yeroo irratti hundaa‘uunillee itti fayyadamni afaanii garaagarummaa kan qabu ta‘uu agarsiisa.Deebii barattoonni kennaniin walqabatee:

Gaarii galata Waaqayyoo Barsiisaa

kun maal agarsiisa? Waaqa uumaa isa isaan eegeef galata kennu ibsuuf akka gargaaraman nu agarsiisa. Akkasumas, “galatoomaa’’ yemmuu jedhan barsiisaan yookiin barsiiftuun barsiiftu tokko haa ta‘u/taatu malee kabaja agarsiisuuf kan gargaaramaniidha**.** Dimshaashumatti, wanti adeemsa waliigaltee kana keessatti hubannu yeroofi bakka irratti hundaa‘uun waliigalteen barsiisaafi barattootaa garaagarummaa qabaachuu isaati.

**Adeemsa baruu barsiisuu adeemsifamu keessatti barattoonni yemmuu gaaffii barsiisaa/tuu isaanii gaafatan:**

“Mis dabtariin nu hin arraramuu?‘

“Na hinilaaltuuu teacher ?” (madda Barattoota)

Barsiisaa/tuu kan jedhamu barattoonni ‗Mis ‘ kan jedhamu fayyadamuun ,sororsuu immoo “arramamuu” kan jedhuun kan gaaffii isaanii kan dhiheessan yoo ta‘u, Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraa waliin waliin makuun fayyadamuun nimul‘ata.

Adeemsa baruu barsiisuu geggeeffamaa jiru keessatti barsiisaan/tuun barattoota yemmuu gaaffii gaafatu/ttu

Barsiisaa: Qubee guddaa A eenyutu bocee natti agarsiisa?

Deebii Barataa 1: yes yes anatu boca.

Deebii Barataa 2:Ine Ine natu deebisa.

Deebii Barataa 3:mis mis ana anatu barreessa.

Barsiisaa: Barnoota baranne eenyutu na yaadachiisa?

Deebii Barataa 1:sila qulqullina dhuunfaannaa faayidaawu.

Deebii Barataa 2: lakkoofsota: tokko,lana ,sadii,arfur,chan, je’a.

Deebii Barataa 3: Orominyaa fidal a.b,c,d.

Adeemsa baruu barsiisuu daree barnootaa geggeeffamu keessatti daa’imman hirmaannaa adda addaa yeroo taasisan akkaataa itti fayyadama afaan isaanii keessattin afaan walitti makuufi jechoota hinwaaltofne fayyadamuutu kan itti baay’atu ta;uu hubatameera.

Barsiisaan barataa miirri isaa itti hintolle argee yeroo itti dubbatu…Har’a sitti tolaa hinjiru hoo maal taate? , Nan beela’e qursii osoon hinnyaatinan chokkoleen manaa ba’e. Isa kanaf amma garaa koo na qoroxomaa jira . Jechi “ qursii” jedhu jecha Afaan Amaaraa irraa kan dhufe yoo ta‘u gama Afaan Oromootiin ciree ,chokkolee kan jedhu Afaan Oromootiinjarjaree,qoroxomaa kan jedhu Afaan Oromootiin garaa ciniinaa jiraachuuf ibsachuuf kan itti gargaaramaniidha**.**

**Barsiisaan Afaan Ingilizii barsiisu hojii garee barattootaaf kennee akka dhiyeessan yemmuu qajeelchutti akkaataa itti fayyadama afaanii barattootaa:**

Barsiisaa : “What are the seasons in your area?”

Barataa 1: Fulbaana, Hidaarii, Bona, Ganna

Barataa 2: Summer, winter, Automin and Spring

Barsiisaa : What words are used to describe the seasons in your mother tongue? What are their English equivalent?

Barataa: Ganna--Rooba, Bona___Bega, Automin___ Makara.

Barsiisaa : What kinds of activities are done in each season?

Barataa:Crop production, Harvesting, qonna, makara.

Adeemsa baruu barsiisuu wayitii Afaan Ingilizii itti fayyadama afaanii barattootaafi barsiisaa gidduutti adeemsifame irraa akkuma hubatamu barattoonni Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii walkeessa makanii akka itti fayyadamaniidha.

**Barsiisaan Afaan Amaaraa barsiisu hojii garee barattootaaf kennee akka dhiyeessan yemmuu qajeelchutti akkaataa itti fayyadama afaanii barattootaa:**

Barsiisaa: Ba akkabaabiyacheyu wuhaa ka yeet yiggenyaal?

Barataa: Mincii, Zinaabii, boolla,gudgu'adii.

Barsiisaa: Wuhaa lamin yiteqimaal ?

Barataa: Dhugaatiif,lemigib zigijit, le irshaa siraa.

Akkaataa itti fayyadama afaanii barattootaa wayitii barnoota Afaan Amaaraa adeemsifame kana irraa akkuma hubatamu barattoonni jechoota Afaan Amaaraa akkaataa sagaleessuu Afaan Oromootti kan dubbisaniifi Afaan Oromootiin walkeessa makanii kan itti fayyadaman akka ta'eedha,

**B. Fayyadama Afaanii Barattoota Gidduutti**

**Barattoonni cimdiin yemmuu waliin waa'ee barnoota isaanii dubbatan**

Barataa A: Teestiin Saayinsii Naannoo kaleessa fattanamne sun akkam ture?

Barataa B : Baay'ee gaariidha. Anaanoo natti qallaleen, das na jedheen hojjedhe.

Barataa A: Maal qalladdaa? Anaan baay'ee natti cime. Waanan maarkii gaarii fidu miti.

Barataa B: Situ sirriitti hinaxanaaneef malee cimaa miti.

Barataa A: Dhugaa kee jette; waan isa hinbeeku gidduu kana xinaatiidhuma waan jedhamu na asxalla'ee jira.

Barataa B: Akkas ta’uun kaayyoo kee gufachiisa waan ta’eef sagantaa baafachuun qo’adhu.

Barataa A: Yaadni kee kun qormaata miidiifi faayinaaliitiif baay’ee na gargaara waan ta’eef galatoomi.

Barataa B: Yeroo biraa walarginee mari’annaatii nagaan turi.

Waliin dubbii barattoonni dhimma barnoota isaanii ilaalchisee adeemsisan olitti dhihaate kana irraa akkuma hubatamu Afaan Oromootiin waliigaltee taasisaa osoo jiranii jechoota Afaan Amaaraa “xinaatii”, asxalla’ee,“miidii”fi “faayinaalii” kannneen jedhaman walkeessa makuun fayyadamanii jiru. Haala itti fayyadama afaanii barattootaa kana keessatti Afaan Oromoo gara Afaan Amaaraatti jijjiiruutu mul’ata.

**C. Barattoonni Yemmuu waliin Dubbatan Afaanitti Fayyadamanii Haala isaan ittiin walqeeqan**

Barataa1: Akkam oolte Boontuu? Maal akkas ofdagachuun yuunifoormiin kee bishaan bira ga’ee hinbeeku?

Barataa 2: Nagaa galata waaqaaa! Waa’ee yuunifoormii koo maaltu sigalcha? “Of hinagarreen raafuu lagatti,” jedhan.

Barataa 1: “Utuu hinhubatin qubaa hingubatin ,” jedhan . Anoo fayyummaa keetiif jedhenii maal akkas irraa hafaa haasa’uun.

Barataa2: Yoo akkasitti yaaddee dubbatte ta’ e gaariidha. “Iji keessummaa bararii foolattu arga,” jedhan mitiree?

Barataa1: Eeyyee sumaaf jedhan malee anaan maaltu nadhibe? “Siifuu jennaan siiquu jettee ,” jedhan.

Barataa2: Galtoomi! “Alagaa gaafa kolfaa, fira gaafa galfaa ,” jedhan kaa.

Barataa3: Maaliif akkas walfamitu? Walhubannaan barbaachisaadha, Waliigalan alaa galan jedhan.

Barataa1: Maaltu siwaame? “Sayterut abeet sayilikuut wadeet “jedhan.

Barataa2: Falmii miti. Waliin mari’achuufi walgorsuu irra jirra. “Hiriyaatu hiriyaa qara jedhama.

Barataa3: Galatoomaa. Guyyaa biraa hanga walagarrutti nagaan turaa.

Adeemsa waliigaltee barattoota gidduutt adeemsifame kana irraa akka hubatamu barattoonni dogoggora jiru walhubachiisuuf haala itti fayyadama afaanii keessatti maammaksa fayyadamuun haasaan isaanii ergaa cimaa akka dabarsuuf kan gargaaraman akka ta’eedha,

**B. Taphoota Gosa Garaagaraa keessatti Itti Fayyadama Afaanii Daa’immanii**

Baraattonni hiriyaa waliin cimdiin yookiin gareen yemmuu taphatan jechoota hinwaaltofne hiikni isaanii hinbeekamne fayyadamu. Tapha suuzii , qelemooshee, lakkilakkichoo dimoocirii,xibbaaxibboo,Imbaa imbaa sakkoriizaa, ximxaamii, A B C one two three, Maarrbeen ayyaachewu? Hatootuu sadii, Aadde Baddaaddaa kan jedhaman jechootaafi gaaleeewwan Afaan Oromoo keessatti hiikni isaanii hinbeekamneefi hinwaaltoofne gosa taphaatti maqaa moggaasanii taphatu. Yemmuu tapha taphatan adeemsa taphichaa to’achuuf jechoota forroshuu, miin, pooloo,hooliyoo, alleesh,baaruuf, baasxeggaa, bigalabixi,banifaas kee kee,maanoo, xilif,funishineerii,naki baattiluuny kan jedhaman jechoota Afaan Oromoo keessatti hiikni isaanii hawaasa biratti beekamaa hintaane fayyadamu.

**Tapha Suuzii**

Taphni suuzii gosa taphaa daa’imman funyoo boca geengoo akka uumuu danda’utti walitti hidhanii daa’imni lama funyoo keessa galanii dhaabbatan daa;imni tokko immoo gidduu funyootii miila lama olkassuun utaaluun taphatama. Gara dhumaarratti immoo miila tokkoon utaaluun kan taphatamuudha. Adeemsa taphaa kanaa keessatti jechoota **xilfii,forroshuu**fi**bilqixii** jedhaman fayyadamu. Jecha “ xilfii “ jedhu utuu uataalanii funyoo yeroo waljala fuudhan itti fayyadamu. Jecha “ forroshuu” jedhu immoo yeroo daa’imni tokko tapha dogoggruu fi sadarkaa irra jiru wallaalee tapha biraa jalqabu

fayyadamu. Akkasumas,, jecha "bilqixii" jedhu yemmuu taphatan utaalaa turanii dhumatti luka lama addaan baasanii si'a tokko utaaluu ibsuuf fayyadamu.

Tapha kanaa olitti dhihaate kana irraa akkuma hubatamu barattoonni jechoota Afaan Oromoo keessa hinjirre, afaan biro kam irraa akka fudhatame adda baasuufi hiika kallattii isaa kana jedhanii himuuf kan nama rakkisu kanneen akka **xilfii,forroshuu**fi **bilqixii** jedhaman fayyadamu.

### Tapha Qelemooshee

Qelemoosheen gosa dhagaa **xix**iqqoo shaniin taphatamuudha. Adeemsa tapha kanaa keessatti dhagaa afur lafa kaa'uun tokko isa hafeen immoo ol darbachuun hunda isaa ittiin funaananiidha. Tapha kana keessatti jechoota maanoofi forroshuu jedhaman fayyadamu. Jechoota kanneenis daa'imni taphachaa jiru dogoggruu isaa/ishee ibsuuf itti fayyadamu.

Tapha olitti dhihaate kana irraa akkuma hubatamu maqaan gosa taphichaaf kenname "Qelemooshee"fi jechoonni isaan adeemsa taphichaa ittiin hoogganuuf fayyadaman kanneen akka maanoofi forroshuun Afaan Oromoo keessatti kanneen hinwaaltofneefi namoota baay'ee biratti hiikni isaanii hinbeekamneedha.

### Tapha Lakkilakkichoo

Gosti tapha lakkilakkichoo kan daa'imman sararoota saddeet lafarratti roga arfee uumuun sararuun bakka lamatti afur afuriin qooduun taphataniidha. Tapha kana keessatti jechoota **baariif**,**xuuxuu,keekee**, **Ooliyoo**fi **mana bituu** kanneen jedhaman fayyadamuun adeemsa taphichaa ittiin hordofu. Jecha bariif jedhamu utuu dhagaa miilaan darbatanii darbatanii yoo dhagaan ittiin taphatan sirnaan mana seenuufii dide dhagicha sirreeffachuuf miila lamaan dhaabbatanii bariif jechuun gaafatu. Jecha **x**uu**x**uu jedhu immoo mana tokkee irraa eegaluun sararoota sana irra sagalee xirrimbee dhageessisuun yookiin waanti karaa isaanii irra jiru akka duraa goruu**f** sagalee dhageessisuun hamma mana saddeetiitti deemaa taphachuu isaanii ibsuuf fayyadamu. Tapha kana keessatti "Ooliyoo" yeroo mana bituuf ka'an ija jaamsachuun daa'imni taphachaa jiru ooliyoo yemmuu jedhu daa'imni biroon waliin taphaa jiru immoo aallesh jechuun jalaa qabaa kan taphatamuudha.

Tapha kanaa olitti dhihaate kana irraa akkuma hubatamu barattoonni Afaan isaan ittiin waliigalaa jiran Afaan Oromoo ta'ee utuu jiruu jechoota **baariif**,**xuuxuu,keekee**fi **Ooliyoo** jedhaman kan afaanicha keessa hinjirreefi maddi isaanii adda ba'ee hinbeekamne fayyadamu.

### Tapha Dimoocirii

Tapha daa'mman lamaa ol ta'anii qorkii ja'a harka tokkotti qabachuun gamaa gamana dhabbachuun daa'ima tokko gidduu dhaabbachiisuu miila jala loosuun diimoocir jechuun nama gidduu dhaabbatuuf rukutuuf yaalu. Rukutuuf yemmuu yaalan daa'imni gidduu jiru sun immo akka hinrukutamneef jalaa miliquu yaala. Haala kanaan taphichi ittifufa.

### Tapha Xibbaaxibboo

Gosti tapha kanaa kan daa'imman baala babal'aa funyoodhaan akka kubbaatti walitti hidhanii miila tokko olkaasuun osoo lafa hinbuusin miiluma sanaan irra deddeebi'uun dhiituun hamma dhiitan lakkaa'uun taphatamuudha. Tapha kana keessatti utuu taphachaa jiranii baalli dhiitamu sun yoo lafa bu'e daa'ima kan biraatu taphicha itti fufee taphata.

Tapha kana irraa akkuma hubatamu adeemsa taphichaa keessatti harki guddaan isaa jechoota Afaan Oromoo kan fayyadaman yemmuu ta'u, moggaasni maqaa taphichaa "Xibbaaxibboo" kan jedhu Afaan Oromoo keessa kan hinjirreefi Afaan biroo irraa kan fudhatame ta'uu isaati.

### Tapha Imbaa Imbaa Sakkoriizaa

**T**aphni kun roga arfee lafarratti sararoota afur sararuun uumamee walakkaa keessaa ( handhuura ) keessa darban lakkoofsi isaanii hanga baay'ina daa'iimman waliin taphatanii waliin walsimutu sararamuum tokkoon tokkoo sarara sararamee irra daa'imni tokko dhaabbachuun imbaa imbaa jechuun sarara irra jiran irraa gara fuulduraa utaaluun

taphatama. Adeemsa taphichaa keessatti dhuma irrattii sarra keessaa utaaluu jalqabaniotti yemmuu deebi'an " Imbaa Imbaa sakkoriizaa" jecha jedhu jechaa deebi'u . Yoo sarara keessaa utaaluu jalqaban wallaalan taphaa ala ta'u. Tapha barattoonni taphatan keessatti jechoota Afaan Oromoo keessa hinjirree kanneen akka " Imbaa Imbaa sakkoriizaa" jedhaman fayyadamu.

**TaphaXimxaamii**

Taphni kun funyoo haayilaandiitti hidhanii mukatti hidhuun garee lamatti qoodamuun kan dhiituun taphatamuudha.Adeemsa tapha kanaa keessatti lama lama ta'anii haayilaandiitti biyyoo naqanii mukatti hidhame sana dabaree dabareen walitti dhiitaa kan taphatamu yemmuu ta'u, osoo taphachaa jiranii namni funyoon haayilaandiin itti hidhame miila isaatti marame taphaan ala ta'ee daa'imni kan biraan taphicha itti fufa. Adeemsa taphichaa hordofuuf jechoota **maanoo,libsiifi pooloo** jedhaman fayyadamu. Maanoo yoo harkaan tuqan, libsii yoo wayyaa tuqe, pooloo yoo funyoon haayilaandii mukatti xaxme ittiin ibsuuf itti fayyadamu.

Tapha kanaa olitti dhihaate kana irraa akkuma hubatamu Afaan barattoonni ittiin waliigalanii taphicha adeemsisan Afaan Oromooti.Ta'us jechoota afaanicha keessa hinjirre kanneen akka "Ximxaamii" , "maanoo ", "libsii "fi "pooloo" jedhaman yemmuu fayyadaman nimul'ata.

**Tapha A B C One Two Three**

Gosti taphaa kun kan daa'imman bakka itti taphatan sararaan iddoo lamatti mana warra taphataniifi warra lakkaa'anii jechuun garee lamatti qoqqooduun taphataniidha. Adeemsi tapha kanaa daa'imni tokko A B C One Two Three jechuun lakkaa'a. Yeroo lakkaa'uu eegaluuf jedhu beetwusxi biqoxxoribbachoowu, baattiriquunyi jedhee jalqaba. Achii A B C One Two Three jechuun hangi nami osoo sochii hinagrsiisin qaama isaa tuquun itti bu'utti itti fufee lakkaa'a. Yemmuu inni lakkaa'u osoo hinargin tuqanii baqatu. Osoo baqatuu namni qabame bakka nama sanaa bu'ee lakkaa'a. Haala kanaan taphichi itti fufa.

Tapha kanaa olitti dhihaate irraa akkuma hubatamu moggaasni taphichaa Afaan Ingiliziirraa kan dhufe yemmuu ta'u, jechoonni kanneen akka "beetwusxi biqoxxoribbachoowu" fi " baattiriquunyi" jedhaman immoo Afaan Amaaraa irraa kan

fudhatamanii adeemisa taphichaa hoogganuuf itti fayyadamaniidha. Tapha kana keessatti barattoonni Afaan sadanuu jechuun Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii walkeessa makanii akka itti fayyadaman hubachuun nidanda'ama.

**Tapha Maarrabeen Aayyaachewu?**

Gosti taphaa kun kan daa'imman gareen lafarra geengoo uumanii taa'uun taphataniidha. Adeemsi tapha kanaa daa'imni tokko huccuu citaa iqqaa harkatti qabachuun maarrabeen aayyacheewu? Jechaa geengoo sana naanna'ee daa'ima tokko dugda duuba isaatiin osoo hinargin kaa'ee naanna'uu isaa itti fufa. Daa'imni huccuun dugda isaa duubaan kaa'ame huccuu sana fuudhee ittiin rukutuuf duukaa fiiga. Yoo osoo inni bakka teessuma isaa hingalin qaqqabee huccuu sanaan rukute inni rukutame sun taphaa ala ta'ee walakkaa geengoo sana keessa taa'a. Daa'ima geengoo keessa taa'e sanaan warri taphata maanna'u gullichaa? jechuun yemmuu gaafatan, Maqaa daa'ima sanaa waamuudhaan abaluu gullichaa jechuun taphatu.

Tapha kana irraa wanti hubatamu afaan barattoonni itti fayyadaman jechoota Afaan Amaaraa yemmuu ta'u adeemsa taphichaa qajeelchuuf immoo Afaan Oromoo fayyadamu. Itti fayyadama afaanii barattootaarraa kan hubatamu Afaan Amaaraafi Afaan Oromoo walkeessa makanii fayyadamuu isaaniiti.

**Tapha Hatootuu sadi**

Taphni kun ijoolleen durbaa walitti naanna'anii geengoo uumanii lafarra taa'u.Namni tokko immoo gidduu dhaabbatee harkaan ija isaa qabatee( ilaaluun hindanda'amu) hatootu sadii jedhee faarfata. Dhumarratti istooppi jedhee nama tokkotti quba qaba. Namni inni quba itti qabe achii as ba'ee /tee harka walqabatanii abaluu bagibbii wusxi gabtoo/taa haa asiyyoo beellamaa immaammaa jechuun waliin faarfatanii kan dura taphataa ture/tee dabaree kan booda achii as ba'etti/tetti tapha dabarsuun dhaqee taa'a /teessi.

Tapha kanaa oliirraa akkuma hubatamu adeemsa taphaa kana keessatti daa'imman jecha Afaan Ingilizii " stop" fi Jechoota Afaan Amaaraa " bagibbii wusxi gabtoo" jedhaman taphicha keessatti ittiin waliigalteef fayyadamaniiru.

**‘Tapha Handoodee’**

| | |
|---|---|
| Takkee | lamee |
| Lameerraan | kuleenaa |
| Kulkul | daraboo |
| Siloo | siliil |
| Kaarruu | karamaa |
| Fiilloon | filiriiq |
| Handoodee | takka |
| Handoodee | lama |
| Handoodee | Sadii, … |

Taphni kun lakkoofsarratti bu’uureeffamee kan taphatamudha.Daa’imman tapha kana gareen dabaree dabareen kan taphatan ta’ee jechoonni isaan walharkaa fuudhaa itti fayyadaman**Kuleenaa, daraboo , karamaa , karamaa , filiriiq fi takka** kanneen jedhaman hiikni issaanii maal akka ta’e himuuun nama rakkisa, Kana irraa waanti hubatamu daa’imman jechoota hinwaaltofneefi hiikni isaanii hawaasicha biratti hinbeekamne fayyadamu.

Tapha kanaa olitti dhiyaate irraa akkuma hubatamu jechoota hiika isaaniifi Afaan kam irraa akka dhufan adda baasuun nama rakkisu kanneen akka **Kuleenaa, daraboo , karamaa , karamaa , filiriiq fi takka** jedhaman taphicha keessatti ittiin waliigaluuf fayyadamaniiru.

### C. Faaruuwwan Gosa Garaagaraa keessatti Itti Fayyadama Afaanii Daa’immanii

**Nuti Daa'imman**

Daa’imman daree barnootaa keessatti qubeewwan Afaan Oromoo sagaleefi boca isaanii adda baasanii baruuf faruu kana faarfatu. Faaruu kana yemmuu faarfatanis jechoota waaltawoofi hiikni isaanii namoota afaanicha dubbatan biratti baay’inaan beekamametti fayyadamu.

**Nuti daa’imman haabarannuu( 2)**

Qubee keenya beekuuf haaqorannuu( 2)

“A ” n godoo fakkaatti.

“ B” n mudhii qabatti

“C ” n walakkaa geengooti

“D ” n akkuma haamtuuti ( 2)

Qubee keenya nijaallanna ( 2)

Hanga dhumaatti nibaranna ( 2)

**Faaruuu Akaakuuwwan Halluu.**

Barattoonni faaruu kana halluu naannoo isaanii jiru adda baasanii baruuf daree barnootaa keessattis ta’e dareen alatti faarfatu. Faaruu kana yemmmuu faarsan haalli itti fayyadama isaanii kan waalta’eedha.

Halluu magariisaa

Halluu Fulbaanaa

Keelloo maal fakkaataa

Burtukaana fakkaataa

Halluu diimaan kan akkamiiti?

Fakkaattuu seeqaa akka giimii

Cuquliisa yemmuu jennu,

Samii isa fakkaatu,

Halluu gurraacha jechuun

Isa akka cileeti akaakuun

Faaruuwwan kanaa olitti dhiyaatan lamaan manneen barnootaa keessatti bifa waalta’een kitaaba barnootaa keessatti barreeffamnii daa’immaniin kan shaakalaman waan ta’aniif, daa’imman jechoota waalta’oo hiikni isaanii namoota hundumaa biratti beekamu fayyadamanii jiru.

**Adeemsa meeshaalee garaagaraa bitachuu keessatti akkamitti afaanitti fayyadamu**?

Naannoo mana barumsaatti meeshaalee barnootaa garaagaraa bitachuun darbee darbee kan mul‘atuudha.Adeemsa kana keessatti daldaltoota naannoo mana barumsaa jiran

Afaan Amaaraa dubbatan bira deemanii yemmuu meeshaalee bitatan muraasa waliin barattoonnis afaan kana dubbachuun kan waliigalaniidha. Daldaltoonni Afaan Oromoo beekanis yeroo baay'ee Afaan Amaaraatiin dubbachuum maamiltoota meeshaalee adda addaa irraa bitachuu dhufan waliin waliigaluu waan jaallataniif barattoonnis isuma kana amaleeffachuun Afaan Amaaraatti fayyadamuu filatu. Haalli itti fayyadama afaanii kun immoo afaan dhalootaa isaanii fayyadamuu irratti dhiibbaa geessisa.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti ragaalee itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu irratti karaa afgaaffii, bargaaffiifi daawwannaan funaanamanii qaacceffamantu dhihaatee jira. k Kunis tartiibaan guduunfaa, argannoofi yaboo kaa'uun kan dhihaateedha**.**

## 5.1 Goolaba

Kaayyoon qorannoo kana inni ijoon itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu sakatta'uudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf qorattuun mala makaa fayyadamtee qorannicha geggeessite. Meeshaaleen funaansa ragaa qorannicha keessatti hojiira oolan sadii : afgaaffii,bargaaffiifi daawwannaadha. Ragaaleen meeshaalee kanneeniin sassaabamanis mala qulqulleefi hammangeedhaan qaacceffaman. Afgaaffiifi daawwannaan kan funaanaman himaafi keeyyataan qindaa'anii kan qaacceffaman yemmuu ta'an ragaaleen bargaaffiin funaanaman hammamtaan lakkoofsaa fi parsantiin gabatee keessatti qaacceffamanii gaaffilee bu'uuraa ka'umsa qorannichaa keessatti qophaa'aniif deebii kanneen ta'uu danda'an argannoowwan qorannichaa qorattuudhaan adda baafamanii ibsamanii jiru.

Argannoowwan qorannichaarratti hundaa'uun goolabni akka itti aanutti kaa'amee jira. Argannoo qorannoo kanaa akka agarsiisutti barattoonni manneen barnoota mootummaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu Afaan waliin makuun itti fayyadamu. Kun immoo kan agarsiisu afaan dhaloota isanii isa kan barnootaa sirriitti akka hinfayyadamneefi dandeettiiwwan gurguddoo afaanii arfan jiran akka hindagaafanne taasisa.Argannoon qorannichaa inni lammaffaan barattoonni waliigalteefi taphoota adda addaa keessatti jechoota hinwaalta'in fayyadamu.Firiin qorannoo kun kan agarsiisu barattoonni jechoota hiikni isaanii hinbeekamne fayyadamuun ergaa yaada dubbatamuu hubachuuf danqaa akka ta'eefi barattoonni afaan ittiin barachaa jiraniif xiyyeeffannoo kan hinkennine ta'uusaati. Argannoon qorannichaa inni biroon barattoonni manneen barnootaa mootummaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu daree barnootaan alatti Afaan Amaaraatiin waliigaluu baay'isu. Argannoon kun kan agarsiisu shaakalli itti fayyadama afaanii dagaagina afaanichaaf murteessaa waan ta'eef guddina

afaan barnoonni ittiin kennamaa jirurratti dhiibbaa qaba. Arganno inni sadaffaan ilaalchi maatiin itti fayyadama faniirratti qabu walqixxummaa afaanii kan hinmirkaneessineedha. Kunis Afaan Amaaraa fayyadamuun akka waan dandeettii olaanaa qabaachuutti kan fudhatan ta'uusaaniti.Argannoo inni dhumaa kan agarsiisu barattoonni afaan dhaloota isaanii sirriitti fayyadamuu dadhabuun qabiyyee barnoota barsiifamuu haala gaariin hubachuufi milkaa'insa barnoota isaanittilee gufuu ta'uu danda'a. Walumaagalatti , barattoonni afaan waliin makuun itti fayyadamuufi afaan barnoonni ittiin kennamaa jru sirnaan itti fayyadamuu dhabuun milkaa'insa barnoota isaaniirratti dhiibbaa kan qabu waan ta'eef hoggantoonni manneen barnootaa, barsiisonni, maatiin barattootaa daa'imman afaan barnoonni ittiin kennamuuf xiyyeeffannoo akka kennanif deeggaruufi jajjabeessuu qabu.

### 5.2. Argannoo Qorannichaa

Ragaalee afgaaffii,bargaaffiifi daawwannaadhaan sassaabamnii qaacceffamn irraa argannoo qorannichaa kanaa gaditti argaman adda baafamaniiru:

1. Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu Afaan Oromoo, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii waliin makanii itti fayyadamu.

2.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu daree barnotaan alatti taphoota adda addaa keessatti jechoota hinwaalta'in kanneen hiika isaaniifi madda isaanii adda baasanii himuuf nama rakkisu fayyadamu.

3.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu daree barnootaan alatti Afaan Amaaraatti fayyadamanii waliigaluu baay'isu.

4.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu ilaachi maatiin Afaan Amaaraatiin fayyadamuurratti qabuufi sabni Afaan garaagaraa dubbatu hawaasummaan waliin jiraachuun barattoonni Afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne danqaa itti ta'ee jira.

4.Barattoonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu Afaan dhalootaa isaanii seeraa afaanii eeganii itti fayyadamuun dadhabuun isaanii qabiyyee barnootaa gosa barnootaa adda addaa ittiin barachaa jiran irratti hubannoo

gahaa akka hinarganneefi milkaa'ina barnoota isaanii miidhuu kan danda'u ta'uu ta‟uu ragaan qorannichaa qaacceffame nidhugoomsa.

## 5.3. Yaboo

Qorattuun qorannoo kanaa argannoo qorannichaa irratti hundaa'uudhaan yaada furmaataa ta'uu kan danda'an kanaa gaditti dhiheessitee jirti.

- Maatiin barattootaa daa'imman naannoo mana jireenyaatti afaan dhaloota isaanii sirnaaan akka dubbatan jajjabeessuufi deeggaruu qabu.
- Maatiin barattootaa naannoo mana jireenyaatti miidiyaa Afaan Oromootiin darbu akka hordofaniif daa'immanf carraa kennuufii qabu.
- Barsiisonni manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman barattoonni afaan dhaloota isaanii seera afaanii eeganii akka itti fayyadaman deeggaruufi qajeelchuu qabu.
- Barsiisonni kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessattiAfaan Ingiliziifi Afaan Amaaraa barsiisan hanga danda'ametti barattooni seera afaanii eeganii dandeettiiwwan afaaniiofdandeessisanii akka gonfataniif akka isaan afaan barachaa jiran sana qofa walittifufiinsaan shaakalan gochuun gaarii ta'a.
- Manneen barnoota sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu keessatti argaman gumii dagaagina Afaan Oromoo hundeessuun daa'imman wayitii boqonnaa Caasluga Afaan Oromoo dandeettiifi umurii isaanii waliin walsimu akka baratan haala mijeessuu.
- Manneen Barnootaafi maatiin barsiisotaa haala itti fayyadama afaan dhalootaa irratti yeroo yeroon walitti dhufanii mari'achuu qabu.
- Hoggantoonni Wajjira Barnootaafi Manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu Afaan ittiin hojiin baruu barsiisuu adeemsifamaa jiru Afaan Oromoo ta'uu isaa hubannoo sirrii uumuun akka xiyyeeffannoon hojiira oolu hordofuu qabu.

## Kitaabilee Wabii


Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo:*Yaadrimee Caasluga Afaan Oromooo*.Finfinnee : Mega Printing Press

Araarsaa Kabbadaa(2019).Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Barattoota Mana Barumsaa Jeneraal Taaddasaa Birruu Sadarkaa 1ffaa.Finfinnee

Beekan Gulummaa,(2015).*Dimdimoo.Cooma Aadaafi Afoola Uummata Oromoo:* Finfinnee Bratian:Palgrave Macmillan

Batibi,H.M.(2014).*Searchuig for an optimal national language policyfor sustainable Development*. In H.Mcllwtaith (Ed.) *The Cape Town Language and Development Conference : Looking beyond 2015. London: British council.Pp*

Benson,C. 2002. Real and potential benefit of bilingual programers in developing countries.International Journal of Bilingual Education and Bilingualism,5(6),303-317.

Benson,C.2004.The importance of mother tongue-based schooling for educational quality Commissionedstudy for EFA Global Monitoring Report 2005,The Quality Imperetive. UNESCO.http://unesco.unesco.org/001466/146632e.pdf(July,2024).

Benson,C. 2009.Designing Effective Schooling in Multilingual context: Going beyond Bilingual models'.In skutnsbb-Kangs,T.;phillipson,R;Mohanty,A.K. and panda,M. (Eds)linguistic

Benson,C.and K.kosonen.2010. "Language in Education policy and Practice in southeast Asia in Light of the Fingins in Ethiopia." *In Multilingual Education Works:From the periphery to the centre*, edited by K. Heugh and T. Skutnabb- Kangs ,134-163. New Delhi. Orient Blackswan.

Buckley,B.(2003), The Children's Comnications Skills- From Birth to Five Years. London:Routledge Falmer.

Caaltuu Girama. 2005. 'the status of Mother Tounge education in Sebeta Town gonernment Primary schools: Addis Ababa university, Ethiopia.

Chall,I.S.,&Cirtus,M.E.(1991). Responding to individual differences amog language learners .In J. Flood ,J.M Jenzen, D. Lapp, J. Squire (Eds.), Handbook of research on teachin the English lan guage arts (pp.349-355). Toronto ON: Collinier MacMillan Canada.

Clark, H. (1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Dirribaa Tasammaa (2019). Qaaccessaa Itti Fayyadama Afaanii Kabaja ayyaan ateetee: Godina Shawaa Bahaa Aanaa Dugdaa Keessatti. Yuunivarsitiii Haramayaa, Haramayaa

Essa, E.L (2007). Introduction to Early Childhood Education. Unitted States: Thomson Delamar Learning.

Finnman, J., Danielson,H., Sjoman,M., Granlund,M., Almqvist,L.(2021) Early *Second language learners, Staff Responsiveness and Child Engegement in the Swedish preschool Context in relation to child Behavior Characteristics and Staffing.*Fronteries Education http://doi:10.2289/feduc.2021.627581

Geetaachoo Rabbirraa. (2005).*Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa. Kuraaz Internaashinaal

Heugh,K. and Skutnabb Kangs, T.2010 (eds.) ‘Multingual work when a ‘peripheries’the centre stage. New Delhi:Oriental Black Swan. PP,316-342

Hunson, R, A. (1996) *Sociolongistics* ($2^{nd}$ ed.) Cambridge: Cambridge Univercity press

Jansson-Verkasalo, E., Valkama, M., Vainionpa, L., Paakko, E., Ilkko, E., &

Lehtihalmes, M. (2004). Language development in very low birth weingt preterm chidren :A follow-up study. *Pholia phoniatrica et Logopaedica*, 56(2), 108- 119. https://doi.org/10.1159/000076062

Jeilan Anan.2013.Challenges of Mother Tongue education in primary school: The case of Afan oromo in the East Hararge Zone, Oromia Regional state :Ethiopia Univefrcity of South Africa, 2013 (unpublished PhD dissertation ).

Joni.( 2015). Hubungan pola asuh orang tua terhadap perkembangan bahasa anak presekolah (3-5 tahun ) di PAUD Al-Hasanah Tahun 2014. *Jurnal Paud Tambusai* 1(6), 42-48.

Kafata,F. aa(2016). An Investigation into the impact of teaching in local languages on pupils and teachers (advantages), challenges, Opportinities ):in Selected Primary Schools in Kitwe District of the Copperbeltb province of Zambia, International journal of Scientific& technology Reaserch, 5(8).

*Kioko, A., Mutiga, J., Muthwii, M., Schroeder, l., Inyega, H., and Trudell, B. (2008). Language and Education in Africa : Answering the Questions. Nairobi:UNESCO.*

Langeloo, A., Deunk, M., Lara, M., van Rooijen, M., Strijobs, J-W. (2020). *Learning Opportunities of Monolingual and Multilingual kindergarteners and their EarlyLiteracy and Executive Functioning Development. http://*doi.org/10. 1080/10409289.2019.1697607

Maduewesi: E..J(1999), Early Childhood education.Theory and Practice Yaba,Logos: Macmillan Nigeria Publishier Limitted.

Milkeessaa Midhaagaa,(2015).‖Afaan Oromoofi Imaammata Afaanii Biyya Itoophiyaa 1855 2015. Finfinne, Oromiyaa

Muashbur, A. J., Pianta, R. C., Hamre, B. K., Downer, J. (2008. Measures of classroom Quality inacadamic, language and sotial skills. *Child development*, 79(3). 732-749. *http://*doi.org/10.1111/j.1467-8624.2008.01154.x

Mabratu Belete(2016) Mother Tongue as a Medium of Instruction: Benefits and Challengen, *International Journal Of innovative Language, Literature& Art Studies*, 4(1), 16-26

Nelson, H.D., Nygern, P., & panoscha, R. (2006).Screaning fir speech and Language delay inpreschool children : systematic evidence review for the US preventive services Task Force. *Pediatrics*, 117(2).

Mutasa, D. E., and R. Nigato. 2008. "Strategies and Models for Mother tongue Education in a Multingual south Africa :Possiblities and prognosis" In Teaching And Admnistrating in African Languages : A road map to African Renaissance, Edited by D.Mutasa and E.E. Ogutu 214-248. Petoria: simba Guru Publishers.

Neito,S. 2000. Affirming Diversity: the sociopoloyical context of multicultural education (3rd). Longman: Addison Wesley Longman, Inc.

Niparko, J.K.,Tobey, E. A., Thal, D.J., Eisenberg,L.S., Wang, N.Y., Quittner,A.L., & Fink, N.E., (2010).Spoken Language development in chidren following chochlear Imlanation. *JAMA- Journal of the American Medical Association*, 303(15),1498-1506. https://doi.org/10.1001/jama.2010.451

Nurwijayanti. (2016a). Hubungan perkembangan bahasa dan status gizi anak di wilayah KerjaPUSKESMAS wilayah selatan kota Kediri. *JurnalCare*, *4*(2), 11-21.

Nurwijayanti.(2016b). Jurnal Care Vol. 4, No.3, Tahun 2016.*Jurnal Care Vol. 4, No.3,*

*Tahun 2016*, *4*(3),38-49.

Obiweluozo , E.P.,& Melefa,O.M.(2014). Strategies for Enhancing Language Development as a Necessary Foundation for Early Childhood Education. Journal of Education and Practice, 5(5)

Parsons, S. & Schoon, I. (2011) *Long-term Outcomes for Children with Early Language Problems: Beating the Odds*. Children &Society , 25, pp. 202-214.

Qorro, M.( 2008). 'Prospects of Mother Tongue and Bilingual Education in Africa: with Spacial Refrence to Tanzania' in a collection of conference papers. The Danish Education Network. www.uddannesesnetvalsesnetvaerket.dk (accessed June 2024).

Stubbs, S.(2008). Inclusive Education: Where there are few resources. Oslo, Norway: The Atlas,Alliance.http/www.eenet.org.uk/ theory practice/ IE%20few% 20 resources% 2020024.pdf

*Ramachandran, R. (2012). Language use in education and primary schooling attainment: Evidence from a naturalexperiment in Ethiopia.http://www.ieb.ub.edu/aplicacio/ fitxers/WSEE12Ramachandran.pdf. Accessed 11 August, 2024.*

Rodge, K., Melby-Lervag, M., Lervag, A. (2016).*Improving the General Language Skills ofSecond Language Learners in Kindergarten:* A Randomized Controll Trial. Hhtp://doi:org/10.1080/19345747.2016.1171935

Roulstone, S., Law, J., Rush, R., Clegg, J., & Peters, T. (2011).*Investigating the role of language in children'searly educational outcomes*. Department for Education: London.Available:https://www.gov.uk/government/uploads/system/uploads/attachment_data/file/181549/DFE- RR134.pdf

Snowling, J., S., Hulme, C., Bailey, M., A., Stothard, E., S. & Lindsay, G. (2011). *Language and literacy attainmentof pupils during Early Years and through KS2: Does teacher assessment at five provide a valid measure of children'scurrent and future educational attainments?* Department for Education: London.

*Trudell.B. (2005).Language choice, education and community identity. International Journal of Educational Development,25.(3), 237-251.*

White, B .L . (1991). Early childhood education: A candid appraisal . Principal, 9-11 .

Wolff, E. (2000). *"Language and Society". In Heine, B. and Nurse, D*. (eds.) African

Languages: An Introduction. Cambridge University Press.

UNESCO (2007). Promoting Literacy in Multilingual Settings, Asia and Pacific Regional Bureau for Education, Bangkok, Thailand.

Zalaalam Amantee (2012). ―*Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo*: Beeksisa Taappeellaa Magaalaa Adaamaa. Yuunivarsiitii Addis Abaabaa: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaaffaa.Kan hinmaxxafamin.

**Dabalee ‘A’**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

Kabajamtoota Afgaaffii kanaa:

Kaayyoo ijoon afgaaffii kanaa haala itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa buraayyuu maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta‘eef, deebiin isin kennitan galma gahiinsa qorannoo kanaaf iddoo olaanaa waan qabuuf odeeffannoo barbaachisaa ta‘e akka qoratichaaf kennitan jechaa, qoratichi deebii isin kennitan hundaaf isin galateeffachaa deebiin isin laattan kamiyyuu galma gahiinsa qorannichaaf bakka olaanaa waan qabuuf amanamummaan laachuu keessaniif galatoomaa!

1. Naannoo mana jireenyaa keessatti afaan garaagaraa fayyadamuun jiraa?

2. Daa’imni keessan mana jireenyaa keessatti afaan kamiin miidiyaa hordofa?

3. Naannoo mana jireenyaatti afaan dhalootaa qofa fayyadamuun nimul’ataa? Deebiin “Lakkii “ yoo ta’e , wantootni danqaa ta’an maalfa’I?

4. Afaan garaagaraa waliin makuun fayyadamuun jiraa?

5. Daa’imni keessan Afaan Oromoo moo Afaan Amaaraatiin yoo barate/tte jaallattu? Maaliif?

**Dabalee ‘ B’**
**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**
**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Guca Afgaaffii Hooggantoota Manneen Barnootaaf Dhihaate**

Kabajamtoota Deebistoota Afgaaffii kanaa:

Kaayyoo ijoon afgaaffii kanaa haala itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa buraayyuu maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta‘eef, deebiin isin kennitan galma gahiinsa qorannoo kanaaf iddoo olaanaa waan qabuuf odeeffannoo barbaachisaa ta‘e akka qoratichaaf kennitan jechaa, qoratichi deebii isin kennitan hundaaf isin galateeffachaa deebiin isin laattan kamiyyuu galma gahiinsa qorannichaaf bakka olaanaa waan qabuuf amanamummaan laachuu keessaniif galatoomaa!

1. Mooraa Mana barumsaa keessatti haala kamiin afaanitti fayyadamu?

2. Adeemsa qajeelfamoota barattoota hubachisuufi sirna alaabaa kabachiisuu keessatti afaan kamitti dhimma baatu?

3. Barattoonni afaan barnoonni ittiin kennamu sirriitti akka itti fayyadamaniif hojiin bulchiinsaa karaa keessan hojjetame maaltu jira?

4. Barattoonni afaan dhaloota isaanii qofa akka hinfayyadamne wantoonni taasisan maalfaatu jiru?

5. Barattoonni afaan dhalootaa isaanii sirnaan itti fayyadamuu dadhabuun barachuu isaaniirratti dhiibbaa maalii qaba?

**Dabalee " C'**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Bargaaffii Barsiisotaaf dhihaate**

Kabajamtoota dubbistoota bargaaffii kanaa

Kaayyoon qorannichaas qorannoo itti guuta digirii lammaffaaf kan qophaa'e ta'ee haala itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa buraayyuu maal akka fakkaatu qaaccessuuf yoo ta'u, qoratichi deebii isin kennitan kamiyyuu akka dogoggoraatti akka hin ilaalamne isin hubachiisuu barbaada.Deebii keessan irratti maqaa keessan barreessuu hinbarbaachisu.

Galatoomaa!

**Kutaa 1ffaa odeeffannoo waliigalaa**

**Qajeelfama:**Gaaffiiwwan itti aananii jiran haala itti fayyadama itti fayyadama afaanii barattoota manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa maal akka fakkaatu hubachuuf waan ta'eef odeeffannoo waliigalaa isin ilaallatan saanduqa yookiin bakka duwwaa isinii kennametti mallattoo ( X ) kaa'uun deebii keessan laadhaa.

1. saala Dhiira ________Dubara/tii ______________

2. Umrii 18___25 26____30 31___35

36___40 41_____45 45 ol

3. Afaan dhalootaa_____________ Afaan lammaffaa _________

4. Haala sadarkaa barnootaa

Dippiloomaa Digirii

5. Iddoo jireenyaa Magaalaa Shaggar

Magaalaa Fifinnee

6.Kutaa Barsiisan ________________________-

7. Mana barumsaa keessatti afaan kamiin barattoota waliin waliigaltu?

Afaan Oromoo

Afaan Amaaraa

Afaan biroos yoo jiraate haa ibsamu______________

8.Adeemsa waliigaltee keessatti daa'imman afaan kam fayyadamu?

Afaan Oromoo Afaan Amaaraa Afaan Ingilizii

Afaan biroos yoo jiraate haa ibsamu __________________________________

9. Afaan garaagaraa walitti makuun fayyadamuun nimul‘ataa?

Eeyyee lakki

A, Gaaffii 9ffaaf deebiin keessan _‘Eeyyee‘‘ yoo ta‘e maddi isaa maali?

____________________________________________________________________________

____________________________________________________________________________

____________________________________________________________________________

Eeyyee lakki

Gaaffii 9ffaaf deebiin keessan _‘Eeyyee‘‘ yoo ta‘e maalfa‘a?

____________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________

___________________________________________________________________________-

11. Daa’imman Afaan dhalootaa isaanii qofa  sirriitti fayyadamuu dadhabuun barnoota isaaniirratti dhiibbaa maalii qaba?

12. Gosa barnootaa barsiisaa jirtan keessatti haalli itti fayyadama afaanii maal fakkaata?

**Dabalee ’’ D’’**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO’ANNOO AFAANII**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

Daawwannaa Itti Fayyadama afaanii haala barattoota itti fayyadama afaanii daa’imman manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa bulchiinsa magaalaa buraayyuu

Kutaa 1ffaa -- Fayyadama Afaanii

1. Mana barumsaa keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?

2. Daree barnootaa keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?

3. Taphoota garaagaraa keessatti fayyadamni afaanii barattootaa maal fakkaata? Afaan

Kamiin faarfatu?

4. Adeemsa faaruu alaabaa faarfachuu keessatti fayyadamni afaanii maal fakkaata?Afaan

kamiin faarfatu?

5. Jechoota garaagaraatti haala kamiin fayyadamu? Waliin makuun bifa kamiin mul‘ata?

6. Itti fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisota gidduu jiru maal fakkaata?

7. Daree barnootaan alatti fayyadamni afaanii barattootaafi barsiisota gidduu jiru akkamitti ibsama?

8. Haalli barattoonni dandeettiiwwan afaanii gurguddoo fayyadamanii odeeffanoo fudhataniifi kennan maalfakkaata? Walitti dhufeenyi fayyadama afaanii waliin qabu hoo akkamitti ilaalama?

9. Haalli baruufi barsiisuu maal fakkaata? Walitti dhufeenyi fayyadama afaanii waliin qabu maali?

**10.** Adeemsa meeshaalee garaagaraa mooraan alatti bitachuu keessatti itti fayyadamni afaan barattootaa maal fakkaat?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

A, Ani qorattuun maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame kun, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta‘uu isaa ibsa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta‘uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa‘uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Guutuu_______________________________________________

Mallattoo___________________________________________________

Guyyaa_______________________________________________________

Qorattuunn ________________________________waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessuu isheefi of ittisuuf (defense) muummeef galchuu dande’uu ishee ani gorsaan mallattoo kootiinan mirkaneessa.